# QAACCESSA NAM-FAKKIILEE ASOOSAMA DHEERAA QAROO DHIIGA BOOSSE

GIRMAA GULUMMAA BAARKEETIIN

WARAQA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII YUUNVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# QAACCESSA NAM-FAKKIILEE ASOOSAMA DHEERAA QAROO DHIIGA BOOSSE

QORATAAN: GIRMAA GULUMMAA BAARKEE

GORSAAN: FILEE JAALLATAA DABALAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHIRAL-AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FIFOOKILOORII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATEE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA , 2014/2O14

FINFINNEE

# GALATA

Duraan dursee waan hundumaatti, jalqabaa kaasee hanga xumuraa hojii kootitti humna naaf ta’ee, beekumsa naaf ta’ee, fayyaa naaf laatee, isa na gargaaree waaqayyoof galanni guddaan haa ta’u.Itti aansuun fiixaan bay’insa hojii kootiif daandii naaf saaquun, akkaata qorannoo geggeesssu keessatti nuffe osoo hin jedhiin na sirreessuun karaa kan agarsiisan, gorsaakoo Dr.Filee Jaallataatiif galannikoo guddaadha. Kana malees abbaakoo Gulummaa Baarkee na barsiistanii, gati dadhabbii keessanii utuu na biraa hin argatiin lubbuudhaan addunyaa kanarraa dabartaniif yaadannoo bara baraa haa ta’u, luubbu keessaniif jireenya waaqa biraa hawwa. Akkasumas, Eessumaakoo Gaarummaa Gammachuu kaayyookoo milkeessuuf, qabenyaafi gorsa sammuu keessaa dagatamuu hin dandeenyeen kan na duukaa bu’aa turtaniif seenaa hin dagatamne ta’ee natti hafa. Itti dabalee, H/W/Darajjee Dassaalee olmaa madaalli hin qabne na biraa qabdu. Hiriyyoota koo bakka garaa garaa teessanii qorannoo koo milkeessuuf yaadaan na deggartan isin galateeffachuun barbaada. hiriyyaakoo Dinqeee Dirribaa barachuukoof qarshiidhanis ta’e, gorsaan kan na cina dhaabbachaa turteef galannikoo guddaadha.

# AXAREERA

*Mata duree qorannoo kanaa "qaaccessa nam-fakkiilee kitaaba asoosama Qaroo Dhiigaa Boosse" jedhu irratti yoo ta'uu qorannoon, Boqonnaalee shanitti qoodamee kan qoratamedha. Boqonnaan tokko seensa, Boqonnaa lama sakatta'a barruuwwan wal-fakkiifi yaadiremeeog-barruu,Boqonnaan sadi imala qorannichaa,Boqonnaa afur qaaccessa ragaalee,Boqonnaa shan,gudunfaa,argannoofi yaada furmaata kan haammatudha.qorannoon kun qaccessa nam-fakkiilee asoosama tokko keessatti argamu gama nam-fakkiileen waan ta'eef gama kaayyoo akkamtaati.Haalli dhiyeenya isaas maalummaa nam-fakkiilee keessatti gargaaran kan ilaallatu mala ibsuutti fayyadamee qoratame.maddi raga qorannoo kana asoosama dheeraa qaroo dhiiga boossee yoo ta'uu tooftaan qaaccessa ragaalee yaadrimee irratti kan xiyyeeffatedha.kana malees, asoosamicha keessatti fakkaattonni maala akka fakkaataniif barreessaan akkamiitti yaaxinaalee ammaayyaa kalatti kanaan jiran waliin wal-qabsiisee hojii isaa dhiyeesse ilaaluun cimina dadhabinni aasoosamicha maal akka fakkaatu adda baasuun yaadawwan furmaataa lafa kaa'amuuf yaalamaniiru. Gama biraan haala hawwaasummaa, xiinsammuu, xiinsammuun ejjennoo, haala barreessaan nam-fakkiilee ittiin uumeefi gahee nam-fakkiilee gurguddoofi xixiqqoo asoosamicha keessatti qaban irratti qorannoon kun adeemsifameera.*

# BAAFATA

QABIYYEE FUULA


GALATA ..... i
AXAREERA ..... ii
BAAFATA ..... iii
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA ..... 1
1.1. Seen-Duubee Qoranichaa ..... 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ..... 2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 7
1.5. Daangaa qorannichaa ..... 10
BOQONNAA LAMA:SAKATTA’A BARRUUWWAN WAL-FAKKII ..... 11
2.1. Yaadrimee Og-barruu ..... 11
2.1.1. Maalummaa og-barruu ..... 11
2.2. Tooftaalee hojii kalaqaa itti qeeqan ..... 12
2.3. Gosoota Og-barruu ..... 14
2.4.Faayidaa Og-Barruu ..... 15
2.5. Yaadrimee Asoosama ..... 15
2.5.1. Gosoota Asoosamaa ..... 16
2.5.1.1. Asoosama Dheeraa ..... 16
2.5.1.2. Asoosama gabaabaa ..... 17
2.5.1.3. Faayidaa Asoosamaa ..... 17
2.6.Caacculee Asoosamaa ..... 18
2.6.1. Seenaa ..... 18
2.6.2. Yoomessa ..... 18
2.6.3. Wal-Diddaa ..... 19
2.6.4. Jaargocha ..... 19
2.6.5. Ergaa ..... 20
2.6.6. Nam-fakkiilee (Qooddattoota) ..... 21

2.6.6.1. Gosoota Nam-Fakkiilee ........ 21
2.6.6.2. Nam-Fakkiilee Gurguddoo ........ 22
2.6.6.3. Nam-Fakkiilee Xixiqqoo ........ 23
2.7. Amaloota Nam-Fakkiilee ........ 23
2.7.1. Nam-Fakkiilee Jijjiiramoo ........ 24
2.7.2. Nam-Fakkiilee Daagii (Achumee) ........ 24
2.8. Barruuwwan wal-fakkii ........ 24
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 26
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 26
3.2. Gosa Qorannoo ........ 26
3.3. Madda Ragaa ........ 26
3.4. Iddattoo Qorannichaa ........ 27
3.5. Mala Iddatteessuu ........ 27
3.6 Mala Funaansa ragaalee ........ 28
3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 28
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 29
4.1. Seenaa Asoosama Dheeraa Qaroo Dhiiga Boossee gabaabinaan ........ 29
4.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee ........ 29
4.3. Qaaccessa nam-fakkiilee gurguddoo ........ 30
4.3.1. Qaacceessa Nam-Fakkiilee Gurguddoo Kallattii Hawwaasummaatiin ........ 30
4.3.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee gurguddoo kallattii ejjennootiin mul'atan ........ 32
4.3.3. Qaaccessa Nam-fakkiilee Gurguddoo kallatti xiinsammuutiin mul'atan ........ 33
4.4. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo ........ 34
4.4.1. Qaaccessa Nam-fakkiilee xixiqqoo kallattii hawwaasummaatiin ........ 35
4.4.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo Kallatti Ejjennootiin ........ 36
4.4.3. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo kallattii Kalaqaatiin ........ 38
4.4.4. Walitti Dhufeenya Nam-Fakkiilee ........ 40
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO YAADA FURMAATAA ........ 43
5.1. Cuunfaaa ........ 43
5.2. Argannoo ........ 45
5.3. Yaada Furmaata ........ 45
Wabiilee ........ 47

# BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

## 1.1.Seen-Duubee Qoranichaa

Dhalli nama jiruuf jireenya kan mata isaa qaba.haala jiruuf jireenyaa kanas kan ittiin ibsatu og-barruudhaani. Og-barruun dabarsa beekumsa sadarkaa adda addaa irra jiru kan qabudha.yaada kana irratti Asafaan (2009). akka ibsutti “Og-barruun dabarsa aadaa ummatatti galmee jiruuf jireenya dhala nama kan ta’e, kan namoonni hubannoo, beekumsafi sadarkaa adda addaa qabudha’’ jedha. Akka yaada olii kanatti og-barruun kan muuxannoo jiruuf jireenya hubannoof beekumsa labata itti aanuuf dabarsudha. Og-barruun oromoo yeroo durii cunqursaa mootummoota garaa garaatiin hacuucamaa kan ture ta’uun isaa wal nama hin mormisiisuu.kana irra darbee afaan oromoo sadarkaa itti baratamuun akkaa yakkaatti ilaalama turedha.Afaan oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa itti baratamuu bira darbee sadarkaa afaan qorannootti ol guddatee jira.

Og-barruun ogummaa waa uumu yookiin waa kalaqu ta’ee yeroo dheeraa kan ture daawwiti jiruuf jireenyi hawaasaa keessatti calaqqisiifamuudha. Fedhasaa (2013:7). yoo ibsuu “og-barruun kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee ogummaafii dandeetti, aadaa duudhaa, falaasamafi haala jiruuf jireenyaa, akkasumas dhageetti keessoo ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha” jedha.Muuxannoo hawwassni keenya qabu karaalee barreeffamaan faayinee yookiin bareechinee dubistoota (hordoftootaa)mala hawwachuu danda’uun, mala arga yaadaan karaa ittiin dhiyeessinudha.og-barruun jechoota filatamoo miidhagina aartii bifa yaad-qalbii nama hawwachuu danda’uun dhiyaata jechuudha.og-barruun daawwitii jiruuf jireenya dhala namaa ta’ee gochaafi raawwii namaa deddisee mul’isa. Hiikni og-barruu bal’aadha. Dabalataanis kan namaan wal-qunnamsiisuu,miiraa adda addaa kan ibsu yaadaafi ilaalcha nama biraa kan himeefi ogummaa keenya kan nutti mul’isudha.

Og-barruun dabarsa aadaa ummaataf galmee jiruuf jireenya dhala nama kan namootaaf, huubannoo, beekumsa, muuxannoo sadarkaa aadda addaa qabaniiti.Og-barruun ogummaa umurii dheera waan qabuuf qorannoo garaa garaa bal’inaan irratti gaggaeeffameera.Asafaan (2009:16) “Og-barruun waa’ee ummaata oromoo ummaataaf deebisee kan dhiyeessuu daawwitii jiruuf jireenyaa dhala namaa kan mul’isudha’’ jedha.waanti yaada kana irraa hubatamuu og-barruu

keessatti kan ummanni mudaa isaa keessatti ofargee mudaa isaa keessatti of ilaaluun of sirreessudha.

Og-barruun hojii kalaqaa dhala nama ta'ee dhugaa hawaasa keessa jiru tokkoo haala jiruufi jireenyaa kan ofkeessatti qabatee dhiyaatudha.Akka Fedhasaan (2013:7) ibsutti, "Og-barruun kalaqa sammuu dhala nama ta'ee, ogummaafi dandeetti, aadaa, duudhaa, falaasamafi jiruufi jireenya, akkasumas dhageetti keessoo ofiigaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha"jedha.Yaada kanarraa waanti hubatamuu hawaasni jiruufi jireenyasaa keessatti adeemsa yookiin raawwii godhu keessatti og-barruutti dhimma ba'uu isaa agarsiisaa.

Og-barruun og-barruu afoolaaf og-barruu barreeffamaa jedhamee bakka lamatti qoodama. Og-barruu barreeffama keessa asoosamni isa tokko ta'ee kan barreessaan gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawwaasa keessa jiraataniin raawwatamuu danda'an bu'uura godhatee akka hubannoo isaatti qindeessuun hoji kalaqa sammuuti.Asafaan (2009:125). akka heeruutti ''Hojiin sseneffama lubbuu qabaatee akka socho'u kan taasisuu nam-fakkii barreessan kalaqe hojii isaa keessatti gargaaramuudha'' jedha.

Nam-fakkiileen asoosama hojii namoonni addunyaa keessa jiraatan akka hojetan taasisuun kalaqamudha.kanaaf asoosamni daawwitii jiruuf jireenya dhala namaati jedhama.Haaluma kanaan qorataan qorannoo isaa kana caacullee asoosama keessa ijoo kan ta'e nam-fakkii asoosama dheera **'Qaroo Dhiiga Boossee'** qaaccessaa.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

OG-barruun oromoo sadarkaa og-barruu biraan itti yookiin guddate kan qaqqabe miti. Akka inni hin guddanneef, waantonni duubatti harkisan keessa inni tokkoo mototaa habashaa durii, yookiin darbanii adeemsa guddina og-barruu oromooof, baay'ee hamaa ture.sababa dhiibbaa mootota kanarraa kanka'e, hayyoonni oromoo hedduun kanneen afaaniif og-barruu oromoo guddisuu barbaadan dandeettiin isaan qaban daangeffaamaa ture.yaada kana Asafaan(2009:13) yoo ibsu, "Afaan Oromoo afaan hojii ta'uu dhabuun isaa dhiibbaa gita bittaa mootummaa habashaa kan turedha" jedha. Namoonni muraasni rakkoowwan kanaan waldhaansoo wal-qabuun asoosamoota muraasa barreessuu danda'aniiru. Kanneen barreeffaman irrattis qorannoon geeggeeffame hin jiru. Innis, rakkoo mataasa danda'e qaba. Rakkoowwan gama qorannoo kanaan mul'atan keessa tokko asoosamoonni barreeffamaan jiran kun caaccuuleen asoosamaa akkaataa xiinxala

ammayyaa waliin yoo wal-bira qabamanii ilaalaman hangamtu sirriidha yookiin sirrii miti kan jedhu beekuu dhabuudha.

Ka'umsa qorannoo jechuun sababa qorannoo tokkoo jechuudha.Qorannoon tokko yeroo geggeeffamuuf, ka'umsa mataasa qaba. ka'umsi qorannoo tokkoof isa bu'uuraati. Kana jechuunis, qorannoon geeggeeffamu tokko ka'umsa malee dalagamuu, akka hin dandeenye nu hubachiisaa. dabalataanis,ka'umsi qorannoo tokkoo barnoota olaanaa keessatti dirqama ulaagaan waan irratti leenjifaman, baratan irratti qorannoo akka geggeessan akka muummee barnoota yuunvarsiitiitti waan kennamuufidha. Addunyaan (2011:53-54).yoo ibsuu,"Ka'umsii qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookiin waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffama irratti mul'atu dhimmichis rakkoo yookiin qaawwa jiru tokko duuchuuf yookiin yaaxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmichatti kennuufi wkf ta'uu danda'a" jedha. Akka yaada kanaattii ka'umsa qorannoo jechuun sababa mata duree tokko filanneefi maaliif akka filannee kan nu hubachiisuufii sababoonni adda addaan immoo akka jiran nuuf ibsuudha.

Faayidaan kana beekuus asoosama barreeffamaan qeequun yookiin xiinxaluun nam-fakkiilee asoosamaa kanaa sirriitti ijaaramuufi dhiisuu isaa ibsa. Dabalataanis, nama asoosama barreessuuf waa'ee qaaccessa nam-fakkiilee ammayyaa gorse karaarra akka bu'u gochuufidha. Rakkkoo kana hubachuun qorataan kun qorannoo kana akka geggeessuuf isa kakaaseeraa.Yaaduma kana wajjin wal-qabsiisee, qorataan ka'umsa qorannoo kanaa yoo kaasuu inni ijoon ulaaga digirii jalqabaa ittiin guuttachuufi asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boosse'jedhu kallatti qaaccessa nam-fakkiileetiin akka qorannoo irratti geggeessuuf waan mirkanaa'eef, kallatti haala qabuun qaacceessu waan qoraatuuf.

Ka'umsi qorannoo asoosama kanaa gadi fageenyaan ibsuun ciminaafi hanqina inni qabu adda baasee bal'inaan ilaaluuf. akkasumas, karaalee salphaafi ifaa ta'een dubbistoonni akka hubataniif gumaachuuf. ka'umsa qorannoo kana ilaalchisee asoosamni afaan oromoon barreeffaman baay'ee/hedduu yoo ta'an iyyuu gama firiiwwan isaanii irratti qorannoon adeemsifamee hin mul'atu.kana malees kara kallatti qaaccessa nam-fakkiileen qorannoon hojjetame waan hin jirreef, kallattii kanaan qorannoon kun yoo gaggeeffamee og-barruu oromoo guddisuu danda'a jedhamee waan yaadameefidha. Kun jaalalaafi hawwii inni og-barruu oromoo guddisuuf, qabu irra ka'uun, ka'umsa qorannichaaf yaadamedha.

Ka'umsi qorannoo kunis hir'ina mul'atu kana guutuu danda'a jedhame yaadameeti. Asoosamni, kun seenaa uummata oromoo mootummoota darbaniin sirni cunqursaa irra turee ka'umsa godhachuun kan qeequdha.akkasumas yaadaawwan inni kaasuu: haala bulchiinsa, seenaa, duudhaa, aadaa, afaan, ilaalcha, amantaa, siyaasaa, dinagdee falasama, qaroominaafi hawaasummaa, haala jiruufi jireenya uummata oromoo ilallatuun asoosamni kun kun kalaqamee kan barreeffamedha.sababiiwwan kanaaf asoosamni kun qorannoof ka'umsa ta'a jedhamee kan filatameedha.

Haallii dhimma jiruufi jireenya uummata oromoo keessatti baay'ee murteessa ta'an, kanneen akka: aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, siyaasaa dinagdeefi falasama eenyummaa isaanii irratti dhiibban bulchiinsafi sigigaatiin miidhaan irra ga'uuni.kunis immoo sirna mootummaa darbaniin ummata oromoo irra ga'aa turedha. Kanuma irraa kan ka'ee hojiileen kalaqaafi falaasamni uummata oromoo baay'inaan qoratamaa hin turree.kanaaf qoraannoon kun aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, siyaasa dinagdeefi falasama uummata oromoo akka itti fufu gochuus ka'umsa ta'uu danda'a.

Ka'umsa qorannoo tokko kan ibsu, qorataan tokko maal irraa ka'ee qorannoo geggeessu akka barbaade kan karaa namatti agarsiisudha.Asoosama barreeffamu tokko keessatti nam-fakkiileen baay'ee barbaachisoodha.fakkaattonni asoosama immoo taatota/ nam-fakkaattota ta'anii seenicha keessatti bakka bu'uudhan kan taphatanidha. Kalaqi sammuu dhala nama daawwitii jiruuf jireenyaa hawwasaati.Asafaan (2009:125) yoo ibsuu, "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin umamee dubbisaaf dhiyaatudha" jedha. yaada kan bu'uureffachuun ka'umsi qorannoo kootii.qorataan qorannoo kana geggeessuuf waantonni ka'umsa isatti horan qabxiilee muraasni ni jiru.

- Kitaaba asoosama 'Qaroo Dhiiga Boosse' jedhu dubbisaa waanan tureef.
- Nam-fakkiilee asoosamichaa ilaalchisee hanqinoota jiru sakatta'uuf.
- Asoosama kanaan wal-qabatee kanaan dura qorannoon gaggeeffame waan hin jirreef.
- Dandeetti qorannoo gaggeessuu kootii cimsachuuf.
- Muuxannoo qorannoo geggeessuu danda'uu horachuuf.
- Bilchina yaada sammuukoo guddifachuu waanan barbaadeef.
- Dandeettii nam-fakkiilee qaacceessukoo gabbifachuuf.

- Guddina og-barruu oromoof gumaacha gochuu waan danda'uuf.
- Guddina afaanichaa saffisiisuu, ni danda'aa jedhamee waan yaadameef.
- Qo'attootaaf beekumsa ta'uu waan danda'uuf.
- Qorattoota gara fuulduraatti qoraannoo qaaaccessa nam-fakkilee irratti geggessaniif akka ka'umsaatti, tajaajilu waan danda'uuf.

Ka'umsi qorataan kun mata duree kana filateefi inni duraa kitaaba asoosama dheeraa "Qaroo Dhiiga Boosse" erga dubbisee xumuree booda nam-fakkiilee achi keessaa jiruufi ergaa inni dabarsuu barbaade kan yeroo duriifi  yeroo ammaa hawaasni ittiin rakkachaa jiru waan ta'eef nam-fakkiilee achi keessa jiru baasee mul'isuun ibsuuf qorannoo akka gaggeessuuf kan kakaasee mata duree kan akka filatu taasiseera. Kana malees mata duree akka filatu kan isa taasiise kitaabni kun yeroo dhiyoo waan maxaanfameef amma ammaatti qorannoon asoosama kanaa keessatti gama qaaccessa nam-fakkiileen irratti geggeeffamee waan hin jirreef qorannoo akkanaa geggeessuu kan kakaase keessaa isa olaanaadha.

Kanaaf qorotaan qorannoo kana gaggeessuuf kan kakaasee asoosama dheeraa **"Qaroo Dhiiga Boosse''**jedhu sakatta'ee nam-fakkilee asoosama kanaa irratti qorannoon waan hin gaggeeffamneef qorataan asoosama kana filatee. Akkasumas nam-fakkiileen asoosamichaa maal akka fakkaatu dubbistoota hubachiisuufidha. Sababiin isaas nam-fakkileen asoosamichaa gahee addaa addaan asoosamicha keessatti mul'ataniiru.

Qorannichis gaaffilee bu'uuraa asii gadii ni deebisa.

- Nam-fakkiilee gurguddoofi xixiqqoon seenaa asoosamichaa keessatti haala kamiin bocamanii jiru?
- Nam-fakkiileen gurguddoofi xixiqqoon seenaa asoosamicha keessatti gahee malii qabuu?
- Nam-fakkiilee ijoon seenaa asoosamichaa keessatti gahee maalii qabuu?
- Nam-fakkiilee gurguddoon kallattii hawaasummaan asoosamicha keessatti argaman haala kamiin bocamanii jiruu?
- Nam-fakkiileen asoosamicha keessaa ergaa akkamii akka dabarsan maali?
- Nam-fakkiileen dhimmaa seeneffamichaa keessatti qaban maal fakkaata?

- Nam-fakkiileen asoosamicha keesaatti kallatti hawwasummaan eeraman bu’aa maalii buusani?
- Nam-fakkiilee xixxiqqoon asoosamichaa kallattii kalaqaatiin uumaman ga’ee maalii qabu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko geggeeffamuuf kaayyoo ni qabaata. Akkuma beekamuu addunyaa kana irratti hojiin hojjetamu kaayyoo galmaan ga’uuf hojetamu qaba. Kunis kaayyoo akka jedhamu isa taasiise. Addunyaan (2011:54).yoo ibsu, “Qorannoon tokko kaayyoo galmaan ga’uuf geggeeffamu qaba” jedha.yaada Kana irraa waanta nuti hubannuu, qorannoon tokko kaayyoo tokko malee akka hin hin hojjetamne nutti hima.

Qorannoon geeggeffamu tokko sadarkaalee gara garaatti qoodamuun, kaayyeffamu danda’a. kunis sadarkaa namni dhuunfaa tokko qofaasaa qorannoo geggeessuufi kan namoonni waliin ggurmaa’uun hojjetan martinuu kaayyoo matasa qaba.yaada kana cimsuuf, Fileen (2019:14) yoo ibsuu, “Qorannoon sadarkaa dhuunfaanis ta’e, sadarkaa dhaabbilee adda addaatti gareedhaanis ta’e,akka dhuunfaatti geggeeffamu,kaayyoo mataa isaa qaba” jedha. Kaayyoowwan qorannoo kunis akkaata mul’ina isaa irratti hundaa’uun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodamu danda’a.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroo kan jedhamu yaada walii gala ofkeessaatti qabatee kan barreeffamu jechuudha.yaada kana irratti (Isuma2011:54) yoo ibsu “kaayyoon gooroo dimshaashatti kan kaa’amudha” jedha. Kaayyoon gooroo qorannoo kana nam-fakkiiwwan asoosama dheeraa ‘’Qaroo Dhiiga Boosse’’ keessatti argaman qaaccessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Barreessaan nam-fakkiilee uumuu keessatti haala kamiin akka bocamanii jiran ibsu.
- Nam-fakkiileen asoosamicha keessatti argaman ergaa akkamii akka dabarsan adda baasuu.
- Gosoosa nam-fakkiilee asoosamicha keessatti mul’atanii addeessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaa qorannoo kana osoo hin tuqiin dura,dimshaashatti barbaachisummaa qorannoo kaa’uun barbaachisaadha.barbaachisummaan qorannoo rakkoolee garaa garaa hiikuuf, waantaa haaraa uumuu/ kalaquuf, barbaachisa. Yaada kana ilaalchise, Fileen (2017:9) yoo ibsu, “Barbaachisummaan isaas rakkoolee hiikuuf, fala barbaaduuf, dursanii yaaduuf, raaguuf, fooyyessuuf, jijjiiruuf, komachuuf, haquuf, hambisuuf, wanta haaraa kalaquuf,…ta’uu danda’a. Barbaachisummaan isaa kunis rakkoolee hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee, … hiikuu keessatti gahee qabaachu danda’a ” jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannuu, barbaachisummaan qorannoo rakkooleef furmaata kennuuf, kana malees, wwanta dura hin argamiin tokko mul’isuuf, jajjabeessuuf diiguuf, qeequuf, hanqianaafi cimina isa baasuuf barbaachisummaa guddaa qaba.

Qorannoon bifa miidhagaa ta’een geggeeffamu barbaachisummaa olaana qaba.kana jechuun og-barruwwan daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan uummanni tokko keessatti of argu waan jedhamuuf, dalagaan uummata keessa jirus, karuma kanan ifatti ba’ee kan mul’atudha jechuun wal-nama hin mormisiisuu. Og-barruun, afaan, aadaa, seenaa, duudhaa, amantii, siyaasa, falaasamaafi wantoota kanneen kana fakkaatan keessatti garaagarummaaa waantotaa hawaasa sanaaf bakka bu’ee kan ibsudha.bu’aan qorannoo kanarraa argamuu qaamoota armaan gadii tajaajiluu danda’a.

Qorannoo kana mana dubbisa kitaaba keessa kaa’uun dubbistoonni nam-fakkiilee asoosamichaa akka hubatan in godha.qorannoon kun geggeeffamee erga raawwatee boodaa, mana dubbisaa keessatti dubbistootaaf barbaachisummaa guddaa qaba.kunis, dubbistoonni qorannoo kana salphaatti akkamitti barreessaan akka nafakkiilee uumee akka hubataan taasisa. Kana malees amala akkami akka nam-fakkiileen gonfatanii hirmaachifaman karaa salphaa ta’een akka hubatan godha.kanaafuu qorannoon geggeeffamee akkaataan nam-fakkiileen itti qaacceffaman yeroo mana dubbisaa taa’u, dubbistoonnis yeroo dubbisani nam-fakkiilee asoosamicha danqaa tokko malee akka hubatan taasisa. Dubbistoonni dubbisanii ga’ee nam-fakkiilee hubachuuf baay’ee barbaachisaadha.

Ga’een nam-fakkiilee maal akka ta’e hubachuuf nama gargaara.nam-fakkiileen asoosama tokkoo gahee malee hin qooddachiifaman.sababni isaas:gahee qoodameef uffatanii,waan himaataniif. kunis gahee kallaattinam-fakkiilee hawwasummaa,ejjennoon, xinsammuu, kalaqaan,

qooddachiifaman hubachuuf nama gargaara.kana males nam-fakkileen yeroo qooddachiifaman addunyaa dhugaarraa jiraachuu yoo baatanille akka namoota addunyaa dhugaa irra jirani, amala namoota addunyaa dhugarra jirani fudhatani nam-fakkeeffamu.kannaaf karaa salphaa ta'een gahee nam-fakkiilee kana fubachuuf kara saaqa.

Namoota asoosama barreessaniif nam-fakkiilee uumuu akka danda'an godha.barreessitoonni asoosama yeroo asoosama barreessan waraqaa qorannoos ta'ee kitaabota asoosama dubbisuun barbaachisaadha. Sababni isaas:asoosama barreessuuf, asoosama birrallee dubbisuun hojii hojjetaan tokko keessatti iddoo olaana qaba.kunis muuxannoo fooyyeessuuf, dandeetti nam-fakkiilee umuu akka horatan taasisa. Kana malee haala gaarii ta'een akka miidhagina horatee, dubbistoota hawwachuu danda'utti nam-fakkiilee kalaquu akka danda'aniif karaa ta'uu danda'a.

Rakkoolee mul'ataniif kallattii furmaata ni kaa'a. kana jechuun rakkoo umaame mul'ata jiru tokkoof kallattiin kara furmaata agarsiisaa jechuudha.qorattoonni biraan haala gaarii ta'een rakkoo furuu akka danda'aniif fumaata kenna. Rakkooleen mul'atan, rakkoo siyaasa dinagdee, hawaasummaa, afaani, duudha, falaasamafijiruufi jireenya hawaasa ta'uu danda'a.

Namoota gara fuulduraatti qorannoo bal'aa mata duree kana irratti geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'a. kana malees, qorattootaa qorannoo kallatti kanaan gara fuula duraatti geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uun gargaaruu danda'a.kana jechuun, namni qorannoo qoratu kana ka'umsa godhachuun, madda askeessatti eeraman irraa ka'uun waantoota akka ka'umsaatti isa fayyadan argachuu danda'a. kunis, qaacceesii nam-fakkiilee qaroo dhiiga boosse sadarkaa digirii jalqabaatti ittin hojjeetame yoo ta'ee,sadarkaa isa ol aanuuuf immoo kara/ka'umsa ta'uu danda'a. dabalataanis namoota gara fulduraatti qorannoo geeggeessan haala gaarii ta'een qorannoo geggeessuu akka danda'aniif bu'uura ta'a. qorannoon kun sadarkaa kanatti xiqqo qabiyyeen isaa xiqqaa yoo ta'eeyyuu sadarkaa itti aanuutti qabiyyee bal'aa ta'een akkaa hojjetamuuf namootaaf/ qorattootaaf karaa bana.

Bilchina sammuu qorataa cimsuuqorataan ni danda'a. Qorataan tokko qorannoo gaafa geggeessu, sammuunsaa isa duraa caalaatti bilchaataa deema. akkasumas sammuun qorataa gabbisuuf barbaachisummaa olaanaa qaba.yaada kana cimsuuf Fileen (2019:11) yoo ibsu, "Qorannoon sammuu dhala nama gabbisuuf, waantota addunyaa kana keessatti raawwataman yookiin

gaggeeffamaa jiran beekuuf, xiinxaluuf, akkasumas, madda beekumsa haara uumuuf daran barbaachisaadha” jedha.

Qo’ataaf beekumsa ta’uu danda’a. qo’ataan qorannoo tokkoo yeroo qorannoo geggeeffame tokko dubisu, hubannoo tokko argachuu danda’a. kunis, beekumsa nam-fakkiilee uumuu qabaachu,beekumsa amala nam-fakkiileen nama addunyaa dhugaa irra jiru tokko raawwatu raawwachiisuun qooddachiisuu argachuu kana malee beekumsa nam-fakkiilee kalaquu argachuu ta’uu danda’a.

Guddina afaanicha ni saffisiisa. qorannoon kun guddina afaaniif ga’ee guddaa qaba. Kana jechuun, afaan tokko guddisuuf qorannoon baay’ee barbaachisummaa olaanaa qaba jechuudha. Afaan sanaan qoratee, waan achi keessa hin jirreefi achi keessa jiru adda baasa.keessattuu kallattii og-barruuttiin qeeqni barreeffamoota og-barruu irratti geggeeffamu og-barruun sun daraan fooyya’aa ta’ee akka dhiyaatuuf gargaara.afaan tokko irratti qoranno geggeessuun afaanichi guddatee akka afaan saayinsiif teeknoolojii ta’uuf ga’ee guddaa qaba.

Qorannoon afaan ittin qorannichi gaggeeffame ni guddisa.kana malees,dubbattoonni afaanichaa eenyu akka ta’an hubachiisa. Ummata afaan sanaas akka beekaman ni godha.uummanni oromoo uummata gaanfa Afriikaa keessa, uummata bal’aa, baayina qabuufi seenaa afaan mataasa, falaasamaafin sirna bulchiinsa “Gadaa” jedhamu akka addunyaatti kan qabudha.

Ummanni oromoo akkuma uummata bal’aa qabu, afaan, duudhaa, amantaa, aadaa, siyaasafi dinagde, falaasama guddaafi bal’aa ta’e qabudha.Akkasumas, afaan gaanfa Afrikaatti bal’inaan dubbatamu keessa isa tokkodha. Haa ta’u malee ummaanni oromoo hacuuccaafi cunqursaa mootummoota darbaniin jaarraa irratti lakkoofsisan iyyuu eenyummaasa, seenaa isaa, afaan isaa, duudhaa isaa, aadaa isaa, amantaa isaa, beekumsa falasamaa isaafi haalaa jiruufi jireenyasaa keessatti afaan isaatti fayyadama ture. Garu afaan qo’annoofi qorannoo ta’ee, akka hin tajaajillee dhorkama ture.

Kanaaf hamma bal’inaafi beekamti qabu, guddachuu hin dandeenye.haa ta’u malee qorannoon kun guddinaa afaan kanaa ni saffisiisa jedhamee, kan ittiin qorannoon kun geggeeffameefi.

Ilaacha falaasama barreessaa irraa barachuuf ni oola. Barreessaan asoosamaa akkaataa sansakaa jireenyaa dhuunfaaasaatiin yookiin akaataa dhugeeffaannaa mataasaatiin kalaqa yoo qopheessu, qooddattoota/ nam-fakkiilee asoosamichaa keessatti argamaniin, ilaalcha falasama barreessichaa calaqqisu irraa baruuf barbaachisa.

## 1.5. Daangaa qorannichaa

Og-barruun yaadrimee bal'aa ofkeessa qaba. Sababa bal'ina isaa irraa kan ka'e waa'ee ogbarruu si'a tokkotti qoratanii xumuruuf yeroof maallaqa guddaa barbaada. Kun immoo milkaa'ina hojii tokkoo akka hin saffisne waan godhuuf qorannoon daangaa godhachuu qaba.

Qorannoon tokko geeggeffamuuf dursa daangeeffamuun dirqama.Qorannoon kan adeemsifame kitaaba asoosama irratti yoo ta'u, kitaabonni hedduunis waan ta'aniif haala mijataafi humna jiru jiru giddu galeessa godhachuudhaan qaacceeffameera.Qorannoon kan dhiyaate kallattiidhannam-fakkiilee kitaaba asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boosse'keessa jiran irratti xiyyeeffachuun, akaakuu nam-fakkiilee, mala isaan ittiin nam-fakkeeffamaniifi ga'ee isaan qabatanii dhiyaatan seecca'uufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata.haala kanaanis yaaxinaalee qooddachiisa asoosama irratti jiran bu'uura godhachuun mala nam-fakkiilee asoosama keessatti hirmaachisuu,qabatamaa taasisanii dhiyeessuufi seenaa, yoomessa, wal-diddaa, jaargocha, ergaafi dhimmoota biro asoosamichaa waliin haala wal-simatuun fakkaatti agarsiisuu,akkamitti nam-fakkiilee asoosama tokkoo beekuu akka dandeenyu qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Kana hundee godhachuun kitaabota jiran keessaa kitaaba asoosama Qaroo Dhiiga Boosse jedhu kan Mootii Mootummaa Abdiitiin bara 2012 A.L.A.tti kan qophaa'ee, ta'ee guraandhala 2013 kan maxxanfame irrattidha. Kanaafuu caacculee asoosama keessa jiran keessaa nam-fakkiileedhaan kan daangeffameef nam-fakkiilee asoosama dheeraa '**'Qaroo Dhiiga Boossee''** jedhu qofa irratti kan xiyyeeffatedha.

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUUWWAN WAL-FAKKII

## 2.1. Yaadrimee Og-barruu

Sakatta'a barruu yaadrimee jalatti,barreeffamoota dhimma kanaa ibsan kanneen bifa kitaabaatiin jiran wabeeffachuun qorannoo kan gabbisuuf bakka itti ka'amanidha.

### 2.1.1. Maalummaa og-barruu

Maalummaaog-barruu irratti hayyoonni garaa garaa akka ogummaa isaanitti yaada garaa garaan waan ibsaniif, yaada qabatamaa, addunyaalessatiin murteessanii ibsuun rakkisaadha.kana jechuun og-baarruu ilaalchisee hiikni wal-fakkaatan keennamee hin jiru jechuudha.Og-barruun ogummaa mara keessattu, afaan mara keessattu, jiruuf jireenya hawaasaa aadaa saba hundaa keessa akkasumas ogummaawwan garaagaraa keessatti waan mul'atuuf hiika adda addaa argachuu danda'eera. Yaada kanailaalchisee Asafaan (2009:16-17) yoo ibsu,"Og-barruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala nama kan ibsudha. Waa'ee jiruufi jireenya/ finna ummatta waan ta'eefis hayyuulee og-barruu biratti akkasumas hayyuulee seenaa, kan falaasamaa kan siyaasaa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiikawwaan addaa addaa kennaniifi jiru.gabaabumatti yaadrimeen og-barruu bal'aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffati isaas jiruufi jireenya/finna uummataa ta'uun isaa, og-barruun hiikaa adda addaa akka qabaatu taasiseera" jedha. barruu armaan oliirraa waanti hubatamu og-barruun ogummaawwan garaagaraa keessatti mul'achuun hiika adda addaa qabaatus, maddumti og-barruu hawaasa abbummaa og-barruu sanaa qabu ta'uusaadha. Og-barruun yaada haaraafi afaan og-barruutiin barreeffamus waa'ee uummata og-barruu sanatti abbumma qabu, bifa kalaqaatiin uummatichumti deebisuun kan himuufi yaadachiisu ta'uusaati.

Yaadni kun og-barruun dhimmoota hawaasa abbaa og-barruu sanaa ta'ee kaasuusaa, yaadni og-barruu keessa jiru yaada hawaasa keessa jiru ta'uusafi dhimmoota hawaasa kallattiinis ta'e alkallattiin og-barruu tokko keessatti mul'achuu kan danda'u ta'uusaa akeeka. Kanaaf og-barruu jechuun daawwitii dhimmoonni hawaasa og-barruu sanaa keessatti ilaaluun danda'amuudha.

Og-barruun muuxannoo jiruufi jireenya dhala nama jechoota filatamootti fayyadamee miidhakee kan dhiyeessudha.Yaaduma kana ilaalchisuun Wasaneen (2008) akka ibsutti "Og-barruun waa'ee jiruufi jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaa jechoota mimmidhagootti

fayyadamee dhaloota itti aanuuf kan dabarsudha" jedha.yaada kanarraa kan hubannuu immoo og-barruun jechoota miira nama hawwatanitti fayyadamee aadaa hawaasaaf jiruuf jireenya hawaasaa dhalootarraa dhalootatti kan dabarsu ta'uu nu hubachiisaa.

Hiikaa hayyoonni adda addaa og-barruuf kennan ilaalchisuun Fedhasaan (2013:1) akka ibsutti "Og-barruun hiika adda addaa qada. Kunis ilaalcha beektonni madda jechaa sanaaf qaban irraa burqe.jechi og-barruu jedhu kunis hiikuma sana qabatee gara barreeffama kalaqa oromoo seenee'' jedha. yaada kanarraa kan hubannuu jechi ''Og-barruu'' jedhu jecha ''literature'' jedhu irra kallattumaan gara afaan oromootti kan hiikamee ta'uu isaafi og-barruun waan barreeffamaan jiru qofaatti akka daanga'u taasisuu isaati.

Og-barruun aadaa, seenaa, beekumsa, amantaa, falaasama, ogummaa, dhalotaa dhalootatti dabarsudha.yaada kana Tafariin (2005:179) yoo ibsu, "og-barruun aadaa, seenaa, beekumsa,amantaa falasama walumaa galatti ilaalcha addunyaa ummata tokkoo kan dhalootaa dhalootatti ittiin darbudha" jechuun maalummaa og-barruu ibseera.

Og-barruun waa'ee dhimma hawasa hawaasatti kan himu ta'e bifa og-barruu afanis ta'e, bifa og-barruu barreeffamaan beekamti qaba.sababni isaas: jiruufi jireenya hawaasa irratti waan xiyyeeffatuuf.yaada kana Misgaanuun (92012:7) yoo ibsu, "Og-barruun dhimma hawaasa hawaasummatti kan himu ta'e, og-barruun afaanotaa sirna barreeffama hin qabne birattis ta'e kanneen barreeffama qaban keessatti kallatti addaa addaan kan beekamudha.Innis og-barruu afoolaafi og-barruu barreeffamaati" jedha.

Yaada kanarraa waanti nuti hubannuu, og-barruun barreeffamas ta'e, og-barruun afaanii ni jiraata.gosti og-barruu kun lamaanu dhimmootuma hawaasa dubbachuu, himuu, akeekuun,qeequun abbummaa og-barruu sana kan hawaasa taasisuu. Kunis og-barruu tokko dhimmoota hawaasa barreeffameefii sirriitti kan kaasuufi kan keessatti ilaalamu ta'uusaa mirkaneessa

## 2.2. Tooftaalee hojii kalaqaa itti qeeqan

Tooftaalee hojii kalaqaa itti qeeqan utuu hin kaasiin dura, maalummaa qeeqaa/qeeqa jechuun maal akka ta'e beekuun barbaachisaadha. Jechi "qeeqaa" jedhu jecha giriikii "judgement" jedhu irra kan fudhatame yommuu ta'u,hiikni isaa dhimma tokko irratti murtii fudhachuu jechuudha.

Qeeqni og-barruu immoo maalii kan jedhuuf, adeemsa hojiilee og-barruu garagaraa irratti murtee fudhachuuti. Adeemsi kunis barreeffamoota kalaqaa gadifageenyaan dubbisuu, xiinxaluu, hiikuu, ibsuu, ciminaafi hanqina isaani addaan baasani mul'isufi murtee irratti dabarsuu kan of keessatti haammatudha.yaada kana Beekan (2013:66). Yoo ibsu, "Jechi "Qeeqa" jedhu yeroo hedduu waa fashaleessuuf dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata. Og-barruukeessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uuti. Kinis waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina, faayidaafi miidhaa, sirrummaafi dogoggora gochaa yookiin waanta dhuunfaa tokko ilaalchaafi haqa ta'uu ittiin adda baasnudha.kunis jabinaafi hir'inasaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'eyyuu, ulaagaa dhimma tokko ittiin qeequrra dhaabbatanii rakkoo adda baafamee sanaaf yeroo ittii furmaanni dhimmichaaf barbaachisudha" jedha.

Akkuma yaada armaan oli irraa hubannutti qeeqaa jechi jedhu, hojii tokko fashaleessuuf otoo hin taanee, ciminaafi dadhabinasaa erga adda baase agarsiise akkasumas dhimma kaafame sana keessatti rakkoolee jiran erga adda baase beeksisee booda gara yookiin kallatti furmaataa kan akeekudha. Kanaafu hojii kalaqaa keessatti qeeqa og-barru faayliida olaana akka qabu nu hubachisaa.qeeqni og-barruu xiinxalaafi madaalli hojii og-barru trokko irratti taasifamu ta'uusaa hubanna.

Tooftaaleen hojii kalaqaa ittiin qeeqan ni jiraata.kunis adeemsa mataa isaa qaba.qeequun balleessuu miti. qeequun hubachiisuudha. Hanqina kana qabda jedhani, karaa gara garaa itti himuudha. Kunis,kan bara duraa  kan har'aaa gidduu galeessafi kan bara ammayyaa jechuudhaan sakatta'uudha. Akkasumas, adeemsa keessa jijjirama agarsiisee qorachuun,karaa qeeqaa hojii kalaqaa ta'uu danda.

Dabalataan immoo tooftaan hojii kalaqaa ittiin qeeqan madaaluu,gaaffiin qopheessaa maal akka ta'e' ogummaa akkamii akka fayyadame dhiyeesse, yaadota saayinsiifi falaasama haala kamiin adda baase itti fayyadame waan ibsuu barbaachisefis,yaadrimee isaa hagam wal-qabataafii wal-ibsaa deeman kanneen jedhaman irratti xiyyeeffachuun, hojii qeequu akka adeemsifamuu `danda'udha.

### 2.3. Gosoota Og-barruu

Bifa ittiin dhiyaatu irratti hundaa'uun, gosoota og-barruu bakka gurguddaa lamatti qooduu dandeenya. Isaanis: og-barruu afoolaafi og-barruu barreeffamaati.Isaanis, haala dhiyaannaa isaanittiin garaa gara. Og-barruun afoolaas ta'e, og-barruun barreeffama amaloota nama bashannansiisuu, barsiisuu, kakaasuu, kofalchiisuu, qirqirsuu, gmmachiisuu,gaddisiisuu amansiisu of keessaa qabu.maalummaa gosoota og-barruu ilaalchisee, Fedhasaan (2013:28) yoo ibsu, "Bifa ittiin dhiyaatu irratti hundaa'uun og-barruu bakka gurguddoo lamatti qoodnee ilaalla. Isaanis:og-barruu afoolaafi og-barruu barreeffamaati" jedha. Kana jechuun afoolli bifa himinsaan kan qophaa'u yoo ta'u, og-barruun barreeffamaa immoo bifa barreeffamaan waraqaarratti kan dhiyaatudhajechuudha.

Afoollii gosa og-barruu himaamsa afaaniin dhaloota dhalootatti darbaa dhufedha. Aadaa eenyummaa saba tokkoo/ hawaasa tokko kan calaqqisiisuu ta'ee seenaafi mudannoo sabni sun dabarses mul'isuu danda'a. Dabalataanis, afoolli riqicha seenaa dhaloota itti aanuuf dabarsudha.wanta afaaniin dubbatama,lufaa dhufe kun seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudha, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsafi muuxannoo dhala namaa baatee as ga'ee. Afoolli sammuu dhala namaa keessatti yaadamee kalaqamuun afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha.kana malees, afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'uun kan himamudha. kana jechuun haalli lufinsi afoolaa himinsa afaaniin dhugooma malee barreeffamaan akka hintaanee nu hubachiisa.

Og-barruun barreeffamaa dame og-barruu keessa isa tokko ta'ee, sammuu barreessa keessatti kalaqamee namaaf kan dhiyaatudha. Og-barruun barreeffama garuu, waan yaadametu waraqarratti bifa miidhagina qabuun, bifa ofitti nama harkisuu danda'uun kalaqamuun dubbistootaaf dhiyaatudha. Yaaduma kana deeggaruu(Isuma,2013:67) yoo ibsu "Og-barruun barreeffama kalaqa sammuu ilma nama barrreeffamaan waanta barreeffamee jiru hunda osoo hin taane waanta kalaqa sammuu dabalatu qofa" jedha. Akka ibsa kanatti waanti nuti irraa hubannu og-barruun barreeffama waanta sammuu namaa keessatti uumamu hunda kan of keessatti haammatu ta'ee kan nuti hubachuu qabnu yookiin baruu qabnu immoo og-baarruu barreeffamaa warqaa irratti katabamee kan mul'atu hunda ta'uu akka hin dandeenyee nu hubachiisa.

Afoolli kunis, oduu durii,raagamtaa, sheekkoo, himinsa gootaa, himinsa ijoollee, baacoo, af-walaloo, geerarsa, sirba, faaruu, eebba, abaarsa, guungummii, tabaallii, qareeyyii, jechama arraba qareeyyii, hibboo,weedduu,manzuuma mammaaksafi waantoota kana fakkataan kan of jalatti haammatudha. Og-barruun barreeffamaa immoo kanneen akka asoosamaa, walaloo, diraamaadha.isaan kanas haala garaa garaan qorannoo irratti geggeessuun ni danda’ama.qoraataanis qorannoosa yeroo gaggeessuu keessatti gosoota og-barruu keessaa filateeti. Gosoota og-barruu keessa, gosa og-barruu barreeffamaa,asoosama irratti ta’uusaati.

### 2.4.Faayidaa Og-Barruu

Og-barruun dhala namaaf faayidaa hedduu qaba. Dhalli namaas hamma lubbuudhaan dachee kanarraa jiraatutti,haala mijataadhan jiraatee hin darbu. Rakkoolee heddummatantu isa mudata. kanaaf og-barruu kanaan immoo waan dabarse seenessee, waan fulduraa akeekaa, jiruuf jireenya isaa keessatti wantoota calaqqisan ibsata. Yaada kanaan wal-qabsiise Asafaan (2009) akka ibsutti ’’Og-barruun bu’aa bayii jiruuf jireenya hawaasni tokko keessa darbefi darbaa jiru galmeesse ol kaa’uudhaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Akkasumas kuusaa muuxannoo dhala namaati’’ jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannuu hawaasni tokko aadaa, duudha safuufi haala jiruuf jireenya mata isaa kan qabu akka ta’edha.

Og-barruun beekumsa, gadda, gammachuu,amantaafi kankana fakkaatan ofkeessa qaba. Yaada kana irratti Fedhasaan (2013:29) Yammuu ibsu ‘’Og-barruun faayida adda addaa dhala namaatiif kenne. Kanneen keessaa muraasni sammuu gabbisu, bashannansiisuu,kan kan fakkaatanidha’’ jedha.Yaada hayyuu kanarraa kan hubannu og-barruun hunda galeesa hojii dhala nama maraa kan ofkeessaaatti qabatu ta’uu nu hubachiisaa. Og-barruun barreeffamaa gosoota hedduu qaba. Isaan keessa inni tokko asoosama .

### 2.5. Yaadrimee Asoosama

Asoosamni dame og-barruu barreeffama keessaa isa tokko ta’ee bifa miidhagina qabuun kan dhiyaatudha.asoosamni hoji uumee dhala namaa ta’ee kan jiruufi jireenya gocha hawaasaafi uummaataa irratti bu’uureffamee barraa’udha. Yaada kana fakkaatu Fedhasaan (2013:67) yoo ibsu “Asoosamni arga yaada barreessaan uumame suura jireenya dhala nama addunyaa keessatti kan mul’isuudha. Mudannoofi mufannoo namni tokko jiruufi jireenya keessatti dabarsu mul’isuf sammu barreessa kessatti  kalaqame waraqa irragti mul’ata” jedha.  Yaada kanarraa waanti nutti

hubannu asoosamni kan sammuu nama keessatti uumamu ta'ee, barrreffamoota jiruufi jireenya dhala mul'isan keessaa isa tokko ta'uu isaati.

Asoosamni akaakuu og-barruu ta'ee kan barreessaan tokko gochaalee addunya dhugaa keessatti namoota hawaasa addunyaa dhugaa keessa jiraataniin raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoo fi ilaalcha isaatiin dandeettii kalaqu isaatiin kalaquudha.asoosamni hojii kalaqa muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaa deebisee kan dhiheessuudha.yaada kana irratti Asafaan (2009:125).yoo ibsu, "asooasamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhihaatuudha"jedha.yada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu barreesssaa dhugaan hawaasa irraaa ka'uun ofii isaatii waan hedduu itti uumee kaayyoo isaa galmaan ga'uuf akkaataa dubbistoota hawwachuu danda'utti fooyyessee miidhagsuudhaan kan dhiyeessu ta'uu nu hubachiisa.kana malees asoosama tokko barreessuuf bu'uurri dhugaa hawaasa keessa jiru ta'uu hubatama.

### 2.5.1. Gosoota Asoosamaa

Akka hayyoonni adda addaa jedhanitti asoosamni wantoota adda addaa irratti hundaa'uun bakka gurguddaa lamatti qoodama.akka Fedhasaan (2013:68),ibsutti "asoosama haala ballina isaa irratti hundaa'uun asoosama dheeraa fi gabaabaa" jechuun qoodeera.

#### 2.5.1.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraa gosa og-barruu ta'ee seeneffama dheeraa sammuu barreessitootaatiin kalaqameefi bifa hololootiin dhiyaatudha. Asoosamni dheeraa yoomessaa bal'aa qaba. Taatee bakkaafii yeroo dheeraa fudhatuun seeneffama jaargocha bal'af xaxama qaba. asoosamni dheeraan faallaa asoosama gabaabaati. Kana jechuun asoosamni dheeraan bu'aa bayii dhalli nama qabu mara jalqabaa kaasee hanga dhumaatti haammachuu danda'a.kana males jaargocha xaxama fakkattota baay'ee, ergaa hedduu, wal-dhabbii baay'eefi seenaa bal'aa qabata waan ta'eef yeroo muraasa keesstti dubbisanii fixuufi hubachuuf akka asoosama gabaabaa hin salphatu.asoosamni dheeraan gosa soosamaa keessaa tokko ta'ee, kan seenaa dheeraa of keessaa qabuudha. gosti asoosama kanaa, kan mullate akka Wasaneen (2008:135-136) yoo ibsu, "asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa beekamtii kan argate yoo ta'uyyuu hiikni wal-fakkaatan hayyootaan hin kennamne" jedha.

Asoosami dheeraan seenaa yeroo dheeraa keessatti raawwatame walitti qabee seenessa .taatee, bakka fi yeroo ballaa fudhatee seenessa.yaada ballaa fi wal-xaxaa qaba.dubbisanii xumuruufis yeroo dheeraa fudhata.yaada kana Destaan (2011) yoo ibsu "asoosamni dheeraan gadi fagoodha, bal'aadha,waan hedduu kaasa.waan hedduu kuffisa.kanaaf asoosamni dheeraa asoosama dheeraa jedhame"jedha.yaada isaa kana irraa kan hubatamus,asoosamni dheeraan kan yaada hedduu of keessaa qabu ta'uu isaati.

### 2.5.1.2. Asoosama gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa keessaa tokko ta'ee kan qabiyyeen asoosama dheeraa gadi kan ta'ee gosa asoosamaati. Asoosamni gabaabaan akkuma maqaa isaa unka gabaabaafi ergaa gabaaba tokko qofaan kan kalaqamudha.innis yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee dhumuu kan danda'uudha.yaada kana akkaa Wasaneen (2008). Ibsutti, "asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa ta'ee daqiiqaa soddoma(30) hanga sa'aatii lamaa(2) tti dubbifamee kan xumuramuudha" jedha.

Asoosamni gabaaban waan hundumaan dhiphaadha. Waan jechuu barbaade sana ibsuuf ariifata.kana jechuun battalumatti dubbifamuun kan hubatamuufi bu'aa bayii tokko malee xumurama jechuudha. Dabalataanis era isaa salphaatti dubbisani bira ga'uun ni danda'ama. Asoosamni gabaabaan nam-fakkilee muraasa, yaada baaqqeefi jaargocha xaxamaa hin taane haammatee dhiyeeffama.Yaada kana Fedhasaan (2017:97) yoo ibsu, "Asoosamni gabaabaan faalla asoosama dheeraati. Yoomessa gabaaba qaba. Jaargochi isaa xaxamaa miti.yaadni isaa fulla'ee hin qaari'u gocha yeroo gabaabaaf raawwatame seenessaa. Hojii kalaqaa hanga daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamu danda'uufi jechoota kuma kudhanii ol hin taaneen kan kalaqamudha" jedha kanaafuu akka walii galaatti asoosamni gabaabaan yeroo muraasa keessaatti kalaqamuu, dubbifamuufi hubatamuu kan danda'u ta'uu isaati.

### 2.5.1.3. Faayidaa Asoosamaa

Asoosamni faayidaalee hedduu kan qabudha.faayidaa asoosama kana sana jennee kaa'uun ulfaataadha. Sababni isaas asoosamni rakkoofii quuqqaa keessa isaa jiru haala ibsuun danda'amuun ibsuuf asoosamni kan fayyadudha. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu Fedhasaan (2017:67) yoo ibsu "Asoosamni mudannoofi fufannoo namni tokko jiruufi jireenya keessatti dabarsu mul'isuudha" jedha.

Yaada waraabbii kanarraa kan hubannuu asoosamni ga'ee inni qabu guddaa akka ta'e hubanna. Dabalataanis, asoosamni waannta dhalli nama kalaquun dhalootaa hanga du'aatti keessa darbu kalaqee bifa miidhagaafi hawwataa ta'een dhiyeessuun nama kan buhaarsu ta'uu isaa hubanna.

## 2.6.Caacculee Asoosamaa

Asoosamni caacculee garaa gara irraa ijaarama. Kunis asoosamni tokko caacculee malee ijaaramuu waan hin dandeenyeef. asoosamni tokkoo caaccule garaagaraa ofkeessaa qaba.isaanis : Seenaa,Yoomessa, Waldiddaa,Jaargocha,ergaafi nam-fakkiifi kan kana fakkaatanidha.yaada kana Fedhasaan(2017:97) yoo ibsu, "asoosama dheeraas ta'e, asoosama gabaabaan ruqoolee isaan kana of keessa qabachuu qaba" jedha. Ruqooleen kunis asoosama barreessuufis ta'e qaaccessuuf hedduu barbaachisaa ta'uu isaati.

Caacculeewwan kun seenaa asoosama tokko keessatti iddoo olaan kan qabanidha. sababni isaas: caacculeen asoosama tokko keessatti yaadni kan ittiin adeemsifamuu akkasumas utubaa asoosama tokkoo ta'anii mul'atu.

### 2.6.1. Seenaa

Seenaan caaccuulee asoosama keessa isa tokkodha.innis haala seenaan asoosamaa tokko ittin xumurame kan agarsiisudha.seenaan asoosama tokkoo gammachiisaa,gaddisiisaa, yookiin wal-makaa ta'uu danda'a.

Seenaan waan jalqabaa hanga dhumaatti raawwatamee, of keessaatti qabatee kan kan dhiyeessudha. Kana malees waan dura ture fidee isaa ammaatti dabarsa.seenaan kuusaa waan raawwatamu tokkooti.

### 2.6.2. Yoomessa

Yoomessi bara, iddoofi haala taateen asoosama tokko keessatti raawwatee kan ibsudha. Kun immoo bifa ifa ta'een kan hubatamu osoo hin taanee, qooda fudhattoota yookiin fakkaattota asoosamichaa, waldhabbii, ijaarsa jaargochaafaatu irraa hubatama.Yaada kana Wasaneen (2008:139) yoo ibsu, yoomessi "iddoo seenaan tokko itti adeemsifamu yookiin itti raawwate akkaata jireenya namoota iddoo sana yeroo sana jiraatan aadaa amantaa, ilaalcha, siyaasafi sadarkaa jireenya namoota oddoofi naannoo sana jiraatani, akkasumas qilleensaafi lafa iddoo

sana dabalata” kana jechuun yoomessi iddoo qofarra osoo hin taane haala irraa kan barru jechuudha.

Taateen tokkoo, bakka itti raawwatamufi yeroo itti raawwatamu qaba. Yeroofi bakka malee waanti raawwatamuu hin jiru.haa ta,u malee, waanti hunduu yeroo tokkoofi bakka tokkotti wal faana hin raawwatu.yaada kana misgaanuun (2012:19) yoo ibsu “Asoosama keessatti keessatti yoomessa jechuun bakkafi yeroo seenan asoosamicha keessatti seeneffamu itti dalagameefi seena asoosamicha keessa jiraatanidha’’ jedha.Yaada kanarra kan hubatamuu bakka qooddattootni itti argamaniifi yeroo qooddattootni asoosamicha keessatti raawwi raawwatan ta’uu mul’isa.

### 2.6.3. Wal-Diddaa

Wal-diddaan seenaa asoosamaa tokko keessatti wal-dhabbii nam-fakkiilee gidduutti uumamuudha/mul’atudh.wal-diddaan caacculee asoosamaa keessaa tokko ta’ee, asoosama keessatti nam-fakkiileen fedhii dhuunfaa isaanii guuttachuudhaaf jechaa walitti bu’insi isaan gidduutti kan adeemsifamudha. Kun immoo waan dhalli nama addunyaa dhugaa irratti argachuuf wal-dhabaniin wal-fakkaata. Addunyaa asoosamaa keessatti barreessaan asoosama tokko walitti bu’insa uumuudhaan waldorgommii addunyaa dhugaa irratti ta’u calaqqisiisa. Wasaneen (2008:140) yoo ibsu “Kaayyoon asoosama inni guddaan jiruufi jireenya keenya keessatti rakkooleen adda addaa nu hin mudanne nu barsiisudha” jedha. Kanaafuu wal-diddaan fakkaattotaan asoosama keessatti mul’atu wal-diddaa hawaasa irraa barreessaan waraaba yaada jedhu qaba.

Wal-diddaan seenaa asoosama keessatti walitti bu’insa nam-fakkiilee gidduutti umamudha. Hayyuu egereefi masaanoota gidduutti kan uumamudha.yaada kana irratti Fedhasaan (2013:79) akka ibsutti ‘’jireenya dhugaa keessatti namoonni bu’aa bayii jireenya hedduu keesstti waliin wal’aansoo wal-qabaa kan oolu jiraachuuf yookan fedhii isaani guuttachuuf namoota garaa garaa waliin hariiroo kan nam-fakkoota gidduutti umamudhaan kan adeemsifamudha.

### 2.6.4. Jaargocha

Asoosama keessatti haqa murteessuudha.seenaan asoosama sana qindaa’ee akka dhiyatu godha.Beekan (2013:28). Akka ibsutti, “Ijoo ijaarsa gochoota isa biraa irratti akkasumas kan dubbatamu osoo hin taane, jaargochi isaa duuba fuuldura akkaata walitti hidhuu danda’utti

jiaarama" jedha.jaaargochi haala seena asoosama tokko sababaafi bu'aa wal qabatee tooraan ijaaramefi ijaarsa gochoota kan ta'edha.askeessatti sababni waan tokko jiraachuunfi gocha sana irraa bu'aa argachuu isaatu namatti mul'ata.

Jaargochi haala seenaan asoosama tokkoo, sababaafi bu'aan wal qabatee tooraan ijaaramudha. ijaarsa gochaati. Gochootni kunis, walirraatti ijaaramuun, gochi tokko gocha biraa akka umamuuf sababa yommuu ta'u, bu'aan gocha sanarra argamuu immoo gocha biraaf sababa ta'uun seenaan babal'achaa, ijaarsi gochootaas dabalaa deema.

### 2.6.5. Ergaa

Barreessaan yeroo og-barruu kalaqu ergaa dabarsu qaba.kaayyoon barreessa ergaa barbaade dubbistoota biraan ga'uudha. Yaada kana Fedhasaan (2017:114). Yoo ibsu, "Ergaan asoosama kamiyyuu qophaa ba'ee dhaabbachuu hin danda'u jiraachuunsaa dhoksaa dhimmoota biraatiin maramee dubbistootaaf dhiyaata. Ergaan asoosamaa waan jiruufi jireenya nama keessatti mul'atudha" jedha.kanarraa kana hubannuu ergaan caacculee asoosama irraa kan hubataman ta'uudha.Akkasumas ergaan dubbisaadha dubbisaatti garaagarummaa qabaachu danda'a.asoosamni gabaabaan ergaa tokko qofaa yoo qabaatu, asoosamni dheeraan garuu ergaa hedduu qabaaachuu danda'a' isaanis ilaalcha dubbisaa irratti hundaa'a.

Asoosamni kam iyyuu ergaa dabarsu barbaadeen madaalama.yaada kana irratti Misgaanuun (2012:12) yoo ibsu. ''Ergaa guddaan asoosamaan darbu tokkoo, jiraatuyyuu ergaawwan xixiqqoon hedduummatanii asoosama tokko keessatti ni argamu'' jedha. kana irraa kan hubannuu barreeessan asoosama tokkoo, dhaamsa tokko dabarsuuf asoosama kalaqa. dhaamsa inni dabarsuu barbaaduu sunis, ergaa jedhamaa.Ergaan yaadaa ijoo asoosamaati.

Asoosamni tokko gaafa barreessaadhan kalaqamu, ergaa malee hin kalaqamu. dhaamsa dhalootaaf dabarsu gonfate kalaqama. Ergaan seenaa asoosama keessa kan barsiisu, kan hubachiisuufi kan yaadachiisuu, dhaamsa hawwaata gonfatee argama. Ergaawwan kunis guddaafi xiqqaan wal-qabataani deemuu.yaada kana irratti Wasaneen(2008:141) yoo ibsu, "Asoosamni kamiyyuu ergaa gidduugala dabarsuurratti xiyyeeffatu ni qaba. Ergaan asoosama guddichi kan darbuu qophaa isaa osoo hin taanee eraawwan xixiqqaa adda addaatiin marsameeti. Kana jechuunis ergaa asoosama isa guddaa irratti ergaawwan xixiqqoo adda addaas ni darbu" jedha.

Yaada kana irraa kana hubannu asoosamni ergaa xixiqqoo hedduu qabaachuun ergaa xixiqqaan walitti dhufuun ergaa guddaa  tumsuu yookiin dabarsuudha. Kun immoo kan adda baafamu fakkaattota gurguddoo irratti.

### 2.6.6. Nam-fakkiilee (Qooddattoota)

Nam-fakkileen namoota seenaa asoosama tokko keessatti qooda fudhatanidha.kana malees nam-fakkiilee yookan qooddattoonni hirmaattota seenicha kan sammuu barreessaan moggafamani ga'ee mataa isaanii qabanii argamanidha. Kana jechuun asoosama keessatti kan barreessan yaadakoo waliin deema jedhee kalaquun danda'udha.taatonnii akka manaoota addunyaa dhugaa keessa jiraataniitti foon uffatani kan argaman osoo hin taanee, ta'iin asoosamicha keessatti ga'ee guddaa taphatu jedhamani, itti yaadamuun muuxannoofi arga yaada barreessa asoosamicha qabuun kalaqamanidha.walitti bu'insaasoosamaan uumee kan ibsu fakkaattidha.

Nam-fakkiin yookaan qooddataan namoota barreessaan umamanii seenaa asoosama tokko raawwatan,seenaan irratti raawwatamuudha.namootni kun kan jiraatan addunyaa barreessaa keessa qofa.lubbuun hin jiran ta'uyyuu seenaa asoosamicha keessatti amala qabeessa horatu.Yaada kana irratti Fedhasaan (2013:74)fi Beekaan (Misganuu (2013:33) yoo ibsan''namoota barreessan arga yaadaatiin kalaqee seenaa raawwachiisee yookaan  seena irratti raawwachiisee ta'ee dhugummaan addunyaa kana keessa kan jiraatuu osoo hhin taanee addunyaa asoosama qofaa  keessa  kan jiraatuufi yoo lubbuu hin qaban ta'ees asoosam keessatti gochoota lubbuu qabeessonni raawwatan kan raawwatudha'' ibsu.

#### 2.6.6.1. Gosoota Nam-Fakkiilee

Nam-fakkiileen asoosama keessatti taatee adda addaa raawwatanidha.Qooddattoonni akkuma namoota addunya dhugaa kana keessa jiraatanii haala adda addaa irratti hundaa'uun qoqqooduun danda'amuu, qooddattoota asoosamaakeessatti argaman iddoo gara garaattii qoodnee ilaalu dandeenya.yaada kana Misgaanuun (2012:22) yoo ibsu, ''qooddattonni asoosama keessatti argaman qosa gurguddoo lamatti qoodamuu danda'a'' jedha. Kana irraa kan hubannuu nam-fakkaattoonni asoosama tokko keessatti argaman qoqqodamuu danda'u nuuf ibsaa.

Barreessan asoosamaa tokko yeroo nam-fakkaattota uumu,gahee adda addaa gonfachiisee uuma. Kunis, nam-fakkiilee hundi gahee walfakkaataa fudhatanii waan hin qooddachifamnifi.

Dabalataan, Dastaan (2002:26) yoo ibsu “barreessan og-barruu gosoota adda addaa of jalatti qaba.dirreewwwan garaagaraa kanneen akka dhimma hawwaasummaa, xiinsammuu, haala ejjennoon kan ummatudha’’ jedha.

Nam-fakkiileen asoosamaa tokko yeroo asoosama tokko keessatti qooddachiifaman,akka barreessaan asoosamaa sun itti kalaqetti jiraatu. Kana jechuun bakka kennameefi ala bakka biraa deemani dalagaa/hojii kamiyyuu hojjeechuu hin danda’an. Dabalataan Fedhasaan (2017:104) yoo ibsu, “Nam-fakkiileen kan jiraatan addunyaa barreessan isaaniif uume keessa qofa.addunyaa keessa jirru kanatti as hin ce’an. Lubbuu maleeyyi ta’aniis seenaa asoosamichaa keessatti amala lubbuu qabeessa horatu. Akkuma namaa nyaatu,ni mugus, ni dubbatu rakkinafi dararamni isarra gaha. Jireenya qannoottis jiraachuu dand’u. kan hiyyummaan gubatanis lakkoofsaan hedduudha” jedha.

Walumaa galatti fakkaattonni addunyaa kalaqaa keessatti bu’aa ba’ii jireenya dhala namaa mudatu maratu isaan mudachuu danda’a. kan namni addunyaa dhugaa lafarratti raawwatu isaan immoo addunyaa kalaqaa keessatti kan raawwatanidha.

Nam-fakkiileen seenaa asoosamaa keessatti gocha/hojii irratti hundaa’uun iddoo lamatti qoodamuu. Isaanis:Nam-fakkiilee gurguddoofi Nam-fakkiilee xixiqqoodha

### 2.6.6.2. Nam-Fakkiilee Gurguddoo

Nam-fakkiilee gurguddoon ,fakkattota asoosama keessatti gahee guddaa qabaniifi ijaarsa seenaa asoosamaa keessatti bu’aa ba’ii hedduu keessa darbanidha.kana males nam-fakkaattonni gurguddoon fakkaattota asoosama sana keessaatti jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti gahee adda addaa ba’uun, mul’achaa deemaniifi hojiilee gurguddoo raawwatanidha. Nam-fakkiilee gurguhddoon warren amala marfataa qabanidha. Kun immoo jalqabaa hanga xumuraatti waan seenaa asoosamichaa keessatti dhimma ba’aniifi yaada marfataa qabanidha jechuudha.

Hayyoonni og-barruu akaakuuwwan qooddattoota karaa adda addaatiin ibsu.qooddattoota marsaa kallatti adda addaatiin kan kalaqame ta’e,amala wal xaxaa kan qabaatanidha. qoddattoonni marsa bu’aa ba’ii jireenyaa wal xaxaan kan kalaqamanii ta’anii,kaayyoo isaan galmaan ga’uuf yommuu tattafatan gufuu hedduun kan isaan mudatudha.kana malees qoddattonni marsa asoosama keessatti argaman akka fixeensa barii yeroo muraasaaf

mul’ataniibattaluma kan badan miti.kana jechuunis boqonnaalee adda addaa seenaan asoosamichaitti seeneffame hedduu keessatti ni argamu jechuudha.

### 2.6.6.3. Nam-Fakkiilee Xixiqqoo

Nam-fakkiileen xixxiqqoon seenaa asoosama tokko keessati iddo murasstti, jalqaba ,gidduu, dhuma, irratti gochoota xixiqqoo kan raawwatanidha. akka Fedhasaan (2017:105) jedhutti “Nam-fakkiilee xixiqqoon garuu seenaa asoosama tokko fuuldura deemsisuu keessatti bu’aa isaan buusan xiqqoodha” jedha. Sababni isaan bu’aa guddaa buusuu hin dandeenyeefi seenaa asoosamaa tokko keessatti turtii isaan qaban xiqqaadha.akkaa nam-fakkiilee gurguddoo seenaa asoosamichaa keessatti, jalqabaa hanga dhumaatti dhaabbachuu hin danda’ani.akkasumas amala marfataa hin qaban.

Nam-fakkiilee xixxiqqoon seenaa fulduraa deemsisuu keessatti ga’ee isaan taphatan xiqqoodha. Yeroo tokkoo aluma tokko mul’atanii badu. Lafa isaan ka’an malee, lafa isaan ga’an arguun dirqama miti. Takka mul’atanii baduun, kunis amala isaanii keessaa isa bu’uuraati. Yaada kana Misgaanuun(2012:23) yoo ibsu, “Qooddattoonni diriiran battaluma seena asoosama keessatti hirmaachuu jalqabaniin enyuummaafi maalummaan isaanii barama” jedha.

Amala murtaa’aa irra deddebi’amee mul’atu waan qabaniif haala salphaan yaadatamuu danda’u. dadalataanis  immoo akka nam-fakkiilee gurguddoo seenaa asoosama tokko keessatti hamma dhumaatti, dhaabbachuun argamuu hin danda’ani.

## 2.7. Amaloota Nam-Fakkiilee

Nam-fakkiileen seenaa asoosama tokko keessatti gaafa qooddachiifaman amaloota wal-fakkataa qabaatani hin qooddachiifaman.hundu amala garaa garaa qabu.amaloota isaan fudhatani nam-fakkeeffamanis maqaa garaa garaa akka qabaatan isaan taasisa.

Nam-fakkiilee amaloota isaaniin bakka lamatti qoodna. Isaanis:Nam-fakkilee jijjiramoofi, nam-fakkiilee daagii(Achumee)dha. nam-fakkiilee amaala irratti hundaa’uun fakkaatti jijjiramaafi daagiidha.Kunis gahee isaan seenaa asoosamaa keessatti amala qaban mulifaman bu’uuraa godhachuudha.

### 2.7.1. Nam-Fakkiilee Jijjiiramoo

Nam-fakkiileen jijjiramo firoomuu qabu. Akka Fedhasaan (2017:107) ibsutti “Nam-fakkiilee jijjiramoon kana mala dhaabbataa hin qabneefi haala wajjin jijjiramanidha.Nam-fakkiilee jijjiramoon amala dafanii haalatti of firoomsuu qabu. isaan akkasi nam-fakkiilee baay’ee hubatoo ta’anidha” jedha.kanaafu Nam-fakkiilee jijjiramoon haala gara garaa keessatti amala isaanii jijjiruu, bada gara gaariitti,yookiin gaarii gara badaatti ta’uu danda’a. hubachuurra darbanii bitaafi mirga isaaniin waan ta’u ni hubatu. Yeroo mara waan keessa jiranitti dammaqoodha. kayyoo isaani beekuu. burjaajja’oo hin ta’ani, yaadani hojjechuuf, deemani bira ga’uuf kaka’umsa qabu. Haala ilaalanii hin jiraatan, murtoo mataasaanii qabu. Waan hojjetanis ta’e waan dubbatan, ejjennoon dalagu.

Kanaaf maqaa fakkaatti jijjiramoo jedhamu fudhatani qooddachiifamu. yeroo isaanitti hin fudhatu,eessaa akka ka’aniif eessa akka ga’an beeku. namni yoo isaan goyyoomsuuf ka’es dafani bira ga’u. walumaa galatti dafani harka hin kennan jechuudha.

### 2.7.2. Nam-Fakkiilee Daagii (Achumee)

Nam-fakkiilee daagiin waanta itti dhufu hin beekan raatuudha. Fedhasaan (2017:107) yoo ibsu,”Nam-fakkiilee daagiin yookiin achumeen, asooosama sana keessatti amala dhaabbata qabaniin kan seenicha xumuranidha” jedha.Amalli isaani jalqaba,gidduufi xumura irratti tokkumadha. Adeemsa seena keessatti amala dhaabbataa qabanis,haala kamiinuu hin geeddaran. Kanaaf jijjiramni seenaa isaaniif homaa miti. baraa baratti amala wal-fakkaata qabatanii darbu. Kun immoo amalafi maqaa daagii jedhamanii waamamuu akka fudhatan isaan taasise.

Dimshaashumatti nam-fakkiilee daagii kan jedhaman, nam-fakkiilee adeemsa seenaa keessatti jijjirama tokkollee kan hin argisiifne, achumee kan ta’anidha. Jijjiramni wayii naannoo isaanii, biyya isaanii irratti yoo ta’ee, isaan biratti waan tokko itti hin fakkaatu. Kanaaf seenaa asoosama tokko keessatti amala kana fudhatanii nam-fakkeeffamu.

## 2.8. Barruuwwan wal-fakkii

Barruuwwan wal-fakkii kana jalatti kaasuun dura, maaluumma barruu wal-fakkii beekuun barbaachisaadha. Qorattoonni tokko yeroo baay’ee og-barruufi sakatta;a og-barruu adda baasanii beekuun isaan rakkisa.Fileen (2019:175) irratti yoo ibsu, “qorattoonni tokko tokkoo

garaagartummaafii tokkummaa og-barruu, sakatta’a barruufii sakatta’a barruu wal-fakkii addaan baasanii kanneen hin beekne jiru.fakkenyaaf, barreessitoonni tokko tokkoo sakatta’a barruu isa jedhu, sakata’a ogbarruu jechuun barreessu” jedha. Yaada kana irra waanta nuti hubannu garaagarummaafi tokkummaa og-barruu, sakatta’a barruufi sakatta barruu wal-fakkii beekuun barbaachisummaa olaanaa akka qabu nu hubachiisa.

Sakatta’a og-barruu jechuun og-barruuwwan adda addaa tahee hojiilee kalaqaa dubbisuudhaan barreessuu yommuu ta’u, sakatta barruu jechuun immoo barruu kamiyyuu, mata duree kamiyyuu haa ta’uu, kanneen mata duree qorannoo filatamee wajjin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qabu hunda dubbisaanii barreessuu jechuudha.

Kutaa kana jalatti sakatta’a qorannoowwan kanaan dura mata duree walfakkaatu irratti adeemsifametu ilaalama.kana gochuuf waraqaalee eebbaa barattootaan sadarkaa gara garaatt afaan adda addaan qo’ataman hedduun dubbifamaniiru. Haaluma kanaanis asoosama filatame kana irratti firiiwwaniifi dhimmoota kan biro asoosamichaa ilaalchisuun hanga ammaatti qorannoon hojjetame hin jiru.kanaafuu qaaccessi nam-fakkiilee kun kan xiyyeeffannootiin qorannoon geggeeffame isa jalqabaati.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Yeroo ammaa asoosamni afaan oromootiin barra'an lakkoofsaan hedduudha. Qorataanis asoosamoota jiran keessa asoosama dheeraa "Qaroo Dhiiga Boosse" fudhatee qaaccesseera. Mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'uudhan. Sababni isaas odeeffannoon kitaabicha irraa qaacceffamee kun jechaan ibsame waan ta'eefidha. Yaada kanaan kan wal-qabatu Addunyaan (2011:63) yoo ibsu "qorannoon tokko haala ibsuu irratti xiyyeeffata yoo ta'e saxaxn isaas ibsa akkamtaa jedhama" jedha. Yaada kanarraa waanti hubatamu, saxaxa qorannoo tokko murteessuuf waanti ta'uu qabu odeeffannoon maaliin ta'a isa jedhurraa dhaabbannee gosa qorannoo keenya murteeffachuu akka dandeenyu nuuf ibsa.

## 3.2. Gosa Qorannoo

Qorannoon kun ga'ee nam-fakkiilee asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boossee' keessatti argamanii qaacceessee dhiyeessuu irratti xiyyeeffatuuf qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama.

Bifa/Mala ittiin dhiyaatuun qorannoon kun ga'ee nam-fakkiilee asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boosse' kan gamtaan qabaniif dhuunfaan qaban addaan baasuun  bifa ibsaan waan dhiiyaatuuf qorannoo ibsituu jalatti ramadama/qoodama.

Akaakuu ragaaleefi tooftaa ragaaleen ittiin seecca'amaniin qorannoon kun ragaaleen isaarraa odeeffannoo yaadrimeen, funaanuun qaaccessee erga xumurees, yaadrimeedhumaan waan seecca'eef qorannoo yaadrimee jalatti ramadama.

## 3.3. Madda Ragaa

Maddi raga qorannoo kana geggeessudhaaf itti gargaaramee madda raga tokkoffaadha.kunis kitaaba asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boosseeti.kunis kitaabicha dubbisuun nam-fakkiilee achi keessa jiran hunda ga'ee isaanii waliin addaan baasuudhan kan qaacceffamedha.

Yaada armaan olii bu'uureffachuun qarannoon kun akka milkaa'uuf, kitaaba asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boossee'madda raga godhachuun nam-fakkiilee kitaabicha keessatti mul'atan haala gaariin qaacceeffameera.

### 3.4. Iddattoo Qorannichaa

Waa’ee iddatto qorannichaa kana osoo hin kaasiin dura, maalummaa iddattoo beekuun barbaachisaadha. Iddattoon  waantoota qorannoon irratti geggeeffamuufi namoota raga kennaan yookin ragaaleen irraa fudhataman ta’uu danda’a.yaada kana ilaalchisee, Fileen (2019:66) yoo ibsu, “Iddattoo jechuun tuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa waantoota yookiin namoota raga kennuu danda’an yookiin ragaaleen irraa argamu filachuu jechuudha. iddattoo filachuun kan barbaachiseefiis, yeroo maallaqniifii humna qorattoota qusachuufidha. Akkasumas, iddattoon adeemsa irraawwatamaa tokko keessa odeeffannoo argachuudhaaf namoota qorannoon irratti adeemsifamu sana akka maddaatti itti fayyadamuudha” jedha.

Mala iddattoo qorataan itti dhimma ba’ee mala mit-carraa keessaa kaayyeefataa yoo ta’uu kitaabota jiran keessaa kitaaba asoosama dheeraa “Qaroo Dhiiga Boosse” jedhu filachuun qorannoo isaa geggeesseera.

Yeroo ammaa kana asoosamni afaan oromootiin barraa’ani jiran hedduudha isaan keessaa asoosamni “Qaroo Dhiiga Boosse” isa tokkodha. Sababni isaas qoraataan kitaaba kana kaninni fudhateefis nam-fakkiileen isaa gocha suukkanneessa hawwaasa irratti raawwatama ture ibsuuf, gocha yeroo sanaa xiinxaluuf, akkasumas asoosamni kun yeroo sana hunda gidduu gala kan godhatu waan ta’eefidha.

### 3.5. Mala Iddatteessuu

Asoosama barrreesssuuf caaculleen nam-fakkiilee, ergaa, yoomessa, wal-diddaafi kan kana fakkaatan irraa ijaarama. Qorannoon kun isaan kana keessaa nam-fakkiilee irratti xiyyeessata.sababni, isaas seena yookiin gocha tokko barreessuuf waanti raawwatameef kan irratti raawwatame jiraachuun barbaachisaadha. Barreessaan tokkos ergaa isaa dabarfachuuf nam-fakkiilee hawwaasa addunyaa keessa jiraatan fakkeessuun ergaa isaa kan dabarfatudha.

Kana malees, nam-fakkiileen asoosama kanaa gochaaf amala kanarraa waan ta’aniif asoosamni kun seenaa hawwaasa yeroo sana hunda waan ibsudha.

### 3.6 Mala Funaansa ragaalee

Qorannoo kana keessatti mala funaansa raga qorannichaaf itti gargaaramee sakatta'a dookimentiiti.kunis kitaaba asoosama dheera "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhu gadi fageenyaan dubbisuudhan nam-fakkiilee isaa qaaccessuudhaa.

Dabalataan immoo qorataan qorannaa kanaa yommuu adeemsisetti maloonnii inni ittin madda ragaalee isaa irraa ragaalee funaannate, sakatta'a barruuti.

### 3.7 Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen qorannoo kana keessatti mul'atan lakkaan waanti ibsinu waan hin jirreef gahee isaaniin qooduun mala akkamtaan qaacceffamee jira. Yaada kana ilaalchisee, Fileen(2019:110) irratti yoo ibsu, "Malleen qaaccessa ragaalee jiran keessa malli akkamtaa daraan irratti kan xiyyeeffatu odeeffanno argame jechootaan, gaaleedhaan, ciroodhaan, himeeniin, yookiin mallattoolee adda addaaf xiyyeeffannoo kennuun ibsuudha" jedha. Kanaaf, malli qaacceesa ragaalee qoranno kana kanaan mala akkamtaatti fayyadamee. Sababni isaas: jechoonni asoosamichaa keessaajechaan waan ibsamaniifidha

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA  RAGAALEE

## 4.1. Seenaa Asoosama Dheeraa Qaroo Dhiiga Boossee gabaabinaan

Asoosama Qaroo Dhiiga Boossee Seenaa sirna mootummaa Abbaa irree yookaan Dargiin uummata oromoo irraan gahaa  ture kan seenessudha. Gootni orommoo eenyummaa saba oromoo ija addunyaa dratti beeksisuuf aarsaa isaan kaffalan hundumti dhaloota har'aa biratti kan dagatamedha.Bara sana fincilli diddaa garbummaa Abbaa irree, bara abbaan warraa haadha warraa wallaale, bara haati lmoo baqattee, bara reeffi dhala nama bakka argetti gatamaa ture bara mootummaa Dargii,bara lubbuun dhala nama hammaa lubbuu ilbisaatti hin lakkaa'amne, bara jireenyi akka muka qottoo ta'ee ofitti deebi'ee of mure kan ibsudha.Inni beekaan afaan qabatee guddaafi xiqqaan afaan qabachiisaa jira. Guddaan salphatee daa'imni ol-adeemaan, Abdiin akka inni guddateef dhiisutu wallaalame.

Obboo liiban Abeebee mana hidhaa keesa jiruu. Poolisoonni abbaafi ilma akkas walitti maraatan wal-bira ga'uudhaaf sardaman kan gargara ittisuufi Abdii mucaa daa'ima dhiituufi kabaluun abbaafi ilma yeroo gargar baasantu jira. Kana malees Aadde Bashaatuun abbaa warraa ishee waliin utuu walitti bo'anii maraachaa jiranii ilaaltee boo'icha itti fufte.

Taliilaan mana hidhaa buufata poolisii magaala kaachisee keesa jira Bara mootummaa abbaa irree keessa bara mootummaa Dargii bara lubbuun dhala nama akka lubbuu ilbisaatti hin lakkaa'amne keessaa hidhamee jira.Yeroo iitti dhalli nama guyyaa guyyaatti imimmaaan isaa roobsu kana irraa kan ka'ee kitaabni kun maqaa kana argachuu danda'eera.

## 4.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee

Boqonnaa kana keessatti ragaalee kitaabicha keessatti argamu dubbisuun qaaccessuun hiikni yookiin ibsi kan itti kennamedha. Akkaata nam-fakkiileen kun itti qacceeffaman haala hawwaasummaa, ejjennoo nam-fakkiileen asoosamicha keessatti qaban , haasa xiinsammuu nam-fakkiileefi nam-fakkiilee asoosama dheeraa “Qaroo Dhiiga Boosse” keessatti  argaman haammatudha.

### 4.3. Qaaccessa nam-fakkiilee gurguddoo

Qaaccessa nam-fakkiilee gurguddoo kan jedhaman kanneen seenaa asoosamicha keessatti gahee guddaa qabaataniidha.Asoosama dheera Qaroo Dhiiga Boosse keessatti nam-fakkiilee gurguddoo jalatti kan xiinxalaman Aaddee Bashaatuu, Taliilaafi Abdiidha.sababni isaan nam-fakkiilee gurguddoo jedhamaniif seenaa sana keessatti jalqabaa kaasanii hanga xumura seenaa sanaatti gochaawwan baay'ee waan raawwaataniif idha. Kana malees gochaawwan baay'een isaan irratti raawwatamaa waan tureefidha.

Nam-fakkiilee gurguddoon seenaa garaa fuulduraa deemsisuu keesstti bu'aa isaan buusan guddaadha. Kanaafuu aadde Bashaatuu, Taliilaafi Abdiin seenaa asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boosse' keessatti hamma dhumaatti dhaabbatanii argamu. akka nam-fakkiilee xixiqqoo mul'atanii hin badne hamma dhumaatti dhaabbachuun qooddachifamani argamaniiru.

#### 4.3.1. Qaacceessa Nam-Fakkiilee  Gurguddoo Kallattii Hawwaasummaatiin

**Addee Bashaatuu**

Addee Bashaatuun turban torbaniin deemanii mana hidhaatti dubbisuu amaleeffataniiruu. Utuma ganama abboroodhan bakka Abdiin rafutti wayyaa irra buusani dhokatanii deemanii, har'a garuu akka handaaqqoon iyyiteen Abdiin cinaacha isaa galagalchuu eegale. Battala Aaddee Bashaatuun hirriba irra ka'anii dhokatanii deemuu yaalan iyyuu akka duraatti har'a deemuuf hin milkoofnee.(F:1)

Barreeffama armaan oliirra waanti hubatamuu: Nam-fakkiileen akkuma namoota dhugaa hawwaasa keessa jirani tajaajila adda addaa waliif taasisuu.As keessatti Aadde Bashaatuun abbaa warraa ishee obbo Liibaniifi ilma ishee Abdiif tajaajila isheen gootuuf mul'isa. Kun ammo Adde Bashaatuun amala haadha qabaattee, gahee haati tokko abbaa warraa isheefi dhala isheef qabdu mul'isa kana malees, barreessaan nam-fakkiilee kana amala nama gara laafettii taasisee, gaheedhaan immoo waan haati tokko raawwachuu dandeessuu akka isheen raawwattu taasisee, ergaa isaa ittiin dabarfachuu danda'eera. Kun immoo kan agarsiisuu baressan tokko amalafi gahe nam-fakkiilee ittiin mul'atu gonfachiisee ibsa. Aadde Bashaatu irra rakkoo gahee yommuu ilaaluu nama dhugaa addunyaa kanarraa jiru fakkatee mul'ata. Sababni isaas namoota addunyaa dhugaa keessa jitaatan kana Aadde Bashaatuu fakkaatani ni jiru waan ta'eefi. Kanaaf barreessaan

asoosama **“Qaroo Dhiiga Boosse”** kana dubartoota abbaan manaa irraa hidhamee fakkeessee uumee.

**Taliilaa**

“Taliilaan,nama barnoota fayyaa baratedha. Namni baratee biyya isaa, naanoo isaafi maatii isaa guddisuu akka danda’uu ofii isaa irraa ka’ee waan beekuuf (waan hubateef ) yeroo boqonnaa isaa dargaggooootа gorsuudhan, itti dabalees barnoota barachuuf of hin dandeenye immoo maallaqa (qarshii) gargaara kana malees gorsa duukaa buusa malee duwwaa hin garsuu”. (F:13).

Yaada armaan oli irraa waanti hubatamuu: Nam-fakkiileen namoota hawwaasa keessa jiraataniin akka wal-fakkaatan mul’isa. Sababni isaas: namoonni addunyaa dhugaa kana irratti karaa adda addaafi haala garagaraan wal-gargaaru.akkuma kana asoosama kana keessatti nam-fakkin kun haala gaariifi fakkeenyummaa gaariin irraa dubbifamuu danda’uun nam-fakkiilee biro gargaara turu nu nu hubachiisa. kun har’allee dhugaa hawwaasa keessaatti raawwatama jirudha.Barreessan asoosamaa kun nam-fakkiilee asoosamichaa yeroo uumuu nama waliif oo’uu,nama wal-jaallatuu, hiriyyoota, haadha manaafi abbaa mana, obbolaa, ogeessa fayyaa nam-fakkiilee yookiin qooddattoota achi keessa jiran taasiseera.

**Abdii**

“Abdiinis utuu karaa eeguu, harmeenkoo amma dhufti, amma dhufti jedhee utuu abdii hin kutatiin utuu karaa eeguu sirni gsggeessaa isaa ni xumuramee.Abdiifi meetiin erga kana dhaga’anii obboloonni ishee achi jiran isaan simatanii gara mana isaanii appaartamaatti fudhatanii galan”. (F:79).

Barreeffama armaan oliirraa waanti hubatamuu, Abdiin karaa deemuuf, jedhu keessatti haati isaa akka isa geggeessituu barbaadee ture. Sababni isaas haati gara laafetti waan taateef yommuu isa geggeessitu ni eebbifti, ni gorsit waan ta’eef. Kallatti biroon immoo jireenya hawaasummaa kana keessatti kan ilaaluu Abdiin haadha manaa isaa kan taate Meetii waliin gara biyya kaanaadaa dhaqanii simatamuu isaaniitu mul’ata.kana jechuun nam-fakkiileen akka namoota addunyaa dhugaa irra jiran maaliif akka dhaabbatan hubanna. Kana waan ta’eef, nam-fakkiileen addunyaa asoosamaa keessatti argaman namoota hawaasa keessa jiraaniin waal-fakkaatu jechuudha.

### 4.3.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee gurguddoo kallattii ejjennootiin mul'atan

**Addee bashaatu**

"Addeee Bashaatuun maaloo maaliif waaqa komattuu,waaqni maal balleesse? Kan nu uumee biyya bal'oo badhaatuu kana keessatti lammii hedduummatee dhalate, waan hundaaa tole,gurmuu dhabee keessatti ijoolleeyoo ta'e dhiiraaf dhalaadhan, daa'imman nu dhiiss biyyaafi lammiif taatuu beekumsa ga'aa kan nuuf kenne, bultii ittiin ijaarrannu nu badhaase seenaa maalee seelaa hin qabnu. ( F:86).

Yaada kana irraa waantii hubatamu beekumsafi qabeenya qabanittyi fayyadamuu dhiisanii waaqa komachuun akka hin barbaachisne agarsiisa. Kan jechuun namni yoo murteeffate kaayyoo isaaf ejjennoo qabaatee jiraachuuf kan isa hin dhibne ta'a. Ibsa kana irraa ka'uun yommuu ilaalluu nam-fakkiileen akkuma hawaasa kamiiyyuu jireenya isaaniif yaaduuf jiraachuu akka danda'an hubanna.kun immoo nam-fakkiilee namoota lubbuun dhugummaatti hawaasa keessa wal-fakkeessa.

**Taliilaa**

Namoota imaltoota sakatta'uuf dhaabbata jiran, keessaa namtichi Walda Gi'orgis jedhamu tokko Taliilaa bira ga'ee "mattaawaqiyaa" jedhee Taliilaa gaafate. Taliilaanis waraqaa eenyummaa isaa isa Takkaaleny waldaamaariyaam jedhu sana baasee itti agarsiisee, Walda goorgis sagalee jabaafi ulfaataadhaan maqaa isaa akka jajuu ta'ee irra deebi'ee "Takkaaleny Waldaariyaam" jedhee erga waamee dugda isaa keessa rurrukutee " chigger kaallee izichi kanginaanyi" jedhee nama kan biraa sakatta'uutti darbe. Taliilaanis "kan garaa garaatu beeka" jedhee garaa isaa keessatti mammaakee cina darbe. (F:46-47).

Barreeffamni kun kan ibsu nam-fakkiileen asoosama keessatti qooda fudhatan akkuma namoota dhugaa lubbuun jiraatanii kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf ejjennoo cima akka qaban mul'isa.Fakkeenyaaf Taliilaan maqaa isaa isa Taliilaa ture gara maqaa biraatti jijjiirrate. Innis jireenyaaf gidirfamaa akka turan mul'isa. Kana waan ta'eef uummanni oromoo osoo hin jaallatiin eenyummaa isaanii akka dagatan taasisaa ture. Kunis kan ibsu sirna mootummaa darbee keessatti osoo hin jaallatiin eenyummaa isaa akka dhabee yaada kanarraa hubanna.

**Sanyii, Addunyaa, Abdii**

Sanyiin abbaa isaa obbo Dhugaasaaf ilma angafaati. Addunyaanis abbaa isaatiif karra saaqee dhalate innis ilma angafaati, Abdiin garuu maatii isaaf mucaa eegoodha. Ijoolleen kun, barnoota wali wajjin erga kutaa tokkoffaa seenaniis wal-hari'aanii wal'aansoo sammuu wal-qabaanii, wal-dorgomaa waan barataniif tokko lafa hin buusan. Tokkoffaa baanadhaaf hamilee walitti bitu, wal-gootomsu. Barattoonni kun gaafa baratanii bakka tokkorra gahan abdii biyyatti kanaati. Biyyatti irra darbee addunyaattiif qabernya kuusaaa sanyiif laatamuuti. (F:14).

Yaadaafi hojii nam-fakkiilee kanarraa waanta nuti hubannuu yookiin immoo mul'atu, kaayyoo isaaniif dhimmanii yaada gara fuulduraatti qaban galmaan ga'uuf, fayyaadamani waliin dorgommii akka taasisa jiranidha. Dabalataanis kaayyoo nama gadi ta'uu, akka isaan keessa hin jirreetu isaan irraa mulifama. Kanaaf nam-fakkiileen akkuma nama kamiiyyuu ejjenno mataa isaani qabu jechuudha.

**4.3.3. Qaaccessa Nam-fakkiilee Gurguddoo kallatti xiinsammuutiin mul'atan**

**Addee Bashaatuu**

Addee Bashaatuun abbaa warraa ishee obbo Liibaniifi mucaa ishee Abdiin utuu walittii boo'anii maraachaa jiranii ilaaltee boo'icha itti fufte. Namoonni naanno sana jiran tokko tokkoos abbaafi ilmoo akka haadhaafi jabbii walitti mar'atanii boo'an ilaaluun garaan isaanii gaddaan booji'amee utuu hin jaallatiin imimmaan fuularra dhangalaasan.(F:5).

Barreeffamni armaan oliitti argamu kun kan mul'isuu nam-fakkiileen jireenya hawwaasummaa waliin jiraatan keessatti gaddas ta'e gammachuu akka danda'antu hubatama. Kunis nam-fakkiileen asoosama kana keessatti argaman naamusa dhugummaan hawaassa keessa jiraniin wal-fakkeessa. Kana malees jaalala maatiin tokko waliif qabaniif, jaalaala abbaan ilma isaaf qabuuf, ilmi abbaa isaaf qabu nam-fakkiilee keessatti ni mul'ata.

**Taliilaa**

Taliilaan muka qabatu dhabee, as yaada, achi yaada, utuma dhiphatuu akka daqiiqaa kudhanii caluma jedhee taa'e. "Kana booda ani lammaaffa qabamee gara mana hidhaa seenee hin gidirfamu hamma naaf danda'ametti miliqeen baduu qaba" jedhee murteeffate.(F:38).

Kunis Taliilaan kanaan dura mana hidhaatti rakkachaafii gidirfamaa akka ture ibsa. Kunis immoo jireenya isa har'aatiif yaaddoo itti uumeera.Dabalataanis kanaan dura kan isa faana akka jiru hubatee akka kanaanduraa mana hidhaa keessatti gidirfamuuf dhiphachuurra karaa isaaf danda'ameen jalaa ba'uuf murteesse. Kun immoo jireenya isaa keessatti dhiphina sammuu itti fideera.

**Abdii**

"Abdiin abbaa isaa obbo liiban abeebeefi haadha isaa aaddee Bashaatuu itichaa irraa Godina shawaa lixaa aanaa Gindabarat Ganda Dhoksaa Gooroo Dikoo keessatti dhalate.Dhibbaan mootummaa abbaa irree abbaa isaa obbo liiban irra gahuu oolee bulee mataa Abdii bowwaafachiisa. Abdiin yeroo baay'ee yeroo inni humna qabu isa humna hin qabne irratti irree isaa agarsiisuu ni gadda. Utuma hin jaallatiin tuttuqee isa boossisa. (F:11-12).

Yaada kanarraa waanti hubatamu nam-fakkiileen akkuma namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiranii isaanis abbaafi haadha bakka itti dhalatan akka qabaniitti hubatama. Inni lammaaffaan irratti garuu nam-fakkiileen kun nama gadduufi nama quuqqaa qabu akka ta'e mul'isa. Kana jechuun keessa nam-fakkiileen addunyaa asoosama keessatti argaman seenaa jireenya adda addaa keessatti argamu namoota hawaasa keessa jiraniin wal-fakkaatuu.

## 4.4. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo

Nam-fakkiilee xixiqqoon, battaluma seenaa asoomaa keessatti hirmaachuu jalqabaniin eenyuummaafi maalummaa isaanii barama Sababni isaas amala murta'aa irra deddeebi'amee mul'atu waan qabaniif haala salphaan yaadatamuu danda'u.kana malees nam-fakkiilee xixiqqoon seenaa asoosama tokko keessatti bakkii issan argaman iddoo muraasaafi yeroo muraastti, jalqaba, gidduufi dhuma irraatti gochootaa xixiqqoo kan raawwatanidha.Fedhasaan (2017:105) "Nam-fakkiileen seenaa asoosamaa tokko keessatti seenaa gara fuulduraatti adeemsisuu keessatti bu'aa isaan buusan xiqqaadha" jedha.

haa ta'u malee akkuma nam-fakkiileen xixqqoon asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiiga Boossee keessatti argaman haala ejjennoo kalaqqiifi walitti dhufeenya isaaniitiin qaaccessuun ni danda'ama.

### 4.4.1. Qaaccessa Nam-fakkiilee xixiqqoo kallattii hawwaasummaatiin

**Obbo Waltaanee**

Obbo waltaaneen namni jedhamuuTaliilaan hordofamee qabamee akka ajjeefamu irratti mari’atamee murteeffamuusaa yeroo dhaga’etti oolchuuf murteeffate. akkuma oromoon “waraabessa keessa fira hin dhabiin” jedhu obbo Waltaaneen akkuma walga’iirraa ba’een gara mana aaddee Bashaatuu aanaa Gindabarat Ganda Dhoksaa Gooroo Diikoo jiru deemee, murtii ilma ishee irratti murteeffamee itti himuuf daandii irra bu’ee qajeelee.Bitaaf mirgasaa ilaallataa, as mil’ataa achi mil’ataa utuma qaxxisuu aaddee Bashaatuu biraa ga’ee gadii waamee. Miiraa nama naasisuufi nama gaddisiisuu tokkoon akkana jedhee itti himee, “dur bannee…. Ni salphanne…… Bashaatuukoo …. Wayyoo…wayyoo…Ilmakee Taliilaa akka qabamee ajjeefamuu ittii murtaa’eera akka beektu godhii’’ jedhe.(F:35-36)

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamuu:asoosama kana keessatti bakka bu’ama lammiin lammiif jedhu fudhachuun qooddachiifame.fakkattiin kun nam-fakkaattota xixiqqoo keessa tokko ta’uun, qooddachifameera. Barreessaanis fakkatti kanatti danuu hin xiyyeeffanne.fakkaattiin kun yeroo muraasa qofaaf mul’atee waan badeef. Gahee inni taphates seenaa asoosamichaa keessatti muraasaa waan ta’eef.akka fakkaattota gurguddoo bu’aa ba’ii hedduu keessa galee hin baanee al takkuma mula’atee lafa buuteen isaa dhabamee.amala inni agarsiisees amala jaalaala qomoosaaf qabu mul’iseeraa.

Nam-fakkiileen akkuma namoota dhugaa hawaasa keessaa jirani tajaajila addaa addaa waliif taasisuu. Kunis waliif birmachuu, waliif yaaduu,waliif quuqama qabaachuu mul’isa. As keessatti obbo Waltaaneen, aaddee Bashaatuutti, himee Taliilaa du’a oolchuunsaa, akkasumas maatii aaddee bashaatuu maraafi hawaasa naannoo aaddee Bashaatuu jiraatan gadda oolchuun hawaasa naannoosaaf gumaacha guddaa gochuu mul’isa.Barreessaan nam-fakkiilee kana gaafa uumuu amala nama gara laafessaa sabasaaf yookiin hawaasaa naannoo isaaaf yaaduu taaasisee, gaheedhaan immoo nama qaamaa oromoo ta’ee, hojii mootummaa keessa qabuufi nama keessaa garaasaan sabasaaf yaaduu danda’udha.

**Aaddee Muuniiraa**

Harmeen Addunyaa "uu….. uu….dhalakoo, abbaakee fidikaa….Maaloo Caalaa!...maaloo abbaakee… nu dhiisee deemee hingaliin hafewoo?" Maaloo… uu…uu…jedhanii al tokkoo ni haammatu, al tokkommoo harka waaqatti qabanii hurgufataa jiru.

Barreeffama armaan oli irraa waanti nuti hubannu, asoosama kana keessatti bakka bu'ama haadhaa fudhachuun kan qooddachiifamte/nam-fakkeeffamtedha.fakkaattiin kun nam-fakkilee xixiqqoo keessa tokkoyoo taatuu, barreessaan qooddachiisa ishee irratti xiyyeeffanna hin laannee.fakkaattiin kun yeroo muraasa qofaas mul'attee badde waan taateefidha.ga'ee isheen taphattee sabseena asoosamichaa keessatti murtaa'aadha.turtii taasiste keessatti amala haadhummaa calaqasiisteetti.innis dubbii taasiisteen yoo mul'atu,barreessaniis ishee kallattii haadhummaan qooddachiissun itti fayyadameera.

Kanaafuu nam-fakkiin kun addunyaa dhugaarra jiraachuu yoo baattellee, amala nama addunyaa dhugarra jiruu gonfachuun qooddachiifamteetti. Kanarra kan nuti hubannuu nam-fakkiin akkasii kun hawasa addunyaa dhugarra jiran keessa jiraachuu danda'usheeti.

### 4.4.2. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo Kallatti Ejjennootiin

**Obbo Caalaa Jigsaa**

"Obbo Caalaa Jigsaa bara 1948 abbaasaa Jigsaa Diinaafii haadha isaa aaddee Biiftuu Lammii irraa Aanaa Gindabarat Ganda Dhoksaa Gooroo Dikkootti dhalate. Obbo Caalaan dhalatee erga gara dachee kana dhufee miseensa uumama dachee kana kan ta'e namummaadhaan qomoo oromoo ta'ee, daa'immummaa isaatti ija ijoollummaatiin qoqqobbii bulchiinsi mootummaa Hayila Sillaasee abbaa isaafi uummata oromoo hundarra geessisaa jiru arge.Garaan hinaaffaa eenyummaa saba isaatiif utuu aaduu, wirriiqqatuu, yaadaan dararamuu, uummata oromoof afaan ta'ee dubbachuuf miilla ta'e deemuuf, qaroo ta'ee ilaaluuf, dhaangaa ta'ee sooruuf, taliila ta'ee obaasuuf, dhiigaafi foon isaa yeroo dargaggummaatti isa hin mararre.(F:29).

Yaada kanarraa waanti hubatamu,seenaa asoosamichaa keessatti nam-fakkiin kun nama jabaa, nama rakkoo sabasaa furuuf dubbatti hin jenne, nama kutannoo cimaa qabu,nama quuqamni sabasaa itti dhaga'amu ta'eetu qooddachiifame. Akkasumas hamma wareegama lubbuutti eenyummaasaaf roorroo jala dhaabbachuun qabsoo uummata oromoo finiinsuun,fincila diddaa

garbummaa geggeessuun mootummaa abbaa irree darbaniin ajjeefamu gootota oromoo fakkaachuun gooddachiifamera .akkuma namni addunyaa dhugaa kana keessatti haala jiruuf jireenyaa isaa bakkaan ga’uuf dalagaa adda addaa agarsiisuu. Kun immoo ejjennoo qabaachuu isaa mul’isa. Obboo Caalaa Jigsaa dararamuu uummata oromoof afaan yeroo ta’ee dubbatuuf qaroo ta’ee rakkoo uummata irra ga’aa jiru yammuu ilaalu dhiigaaf foon isaas hin mararre. Kun kan argisiisuu nam-fakkiin kun ejjennoo akka qaban agarsiisaa.

**Murteessaa**

“Murteessaan galgaluma karaarra bu’ee dubbicha Taliilaatti himudhaaf deemsa eegale.yeroon isaas galgala keessaa saa’ati tokko haa ta’u malee fageenyi Aanaa Gindabaratiifi Aanaa meettaa Roobii gidduu jiru miilaan saa’atii 10 ol ta’a. murteessaanis saa’atii 10 ta’uusaa utuu beekuu obboleessasaa, Taliilaa du’a oolchuuf deemsa deemsa halkanii kan hallayyaafi bowwaan itti baay’atu, kan gaaraafi tulluu nama qaxxaamursiisu, deemsa dukkana cillimii kana keessa harkasaa bitaadhan tirikaa bobeeffataa,harkasaatti immoo ulee shimalaa qabatee, hoomaa bineensotaa maqaan isaani hin beekamne as dachaasa, achi dachaasaa, huursaa laga rgaa’a isa laga Abbayyaatti dabalamuf mogoriin ofi qabatee fiiguun utuu of sossobuu karaa olii seenee karaa gadii ba’e.utuu akka horiitti oofuu, qorraafi dilallaa fixeensaa urjii irraa coccobuun cabbaa’ee golli mar’immaan isaa utuu hurgufamuu halkan keessaa saa’atii 11:30 tti Taliilaa bira ga ‘ee,” Taliilaanis gaafaa gadi ba’uu,Murteessaan “Tal…Taliilaa, carraan ati qabduu yoo sii danda’ame saa’atii kanaa eegalii miliqi, guyyaa kaleessa,bakka argamutti barbaadaati ajjeesaa jedhani murteessaniru” jedhe.(F:36-38)

Barreeffama kanarraa waanta nuti hubannu haala barreessan seenaa asoosama tokko keessatti nam-fakkiilee akka namoota addunyaa dhugaarra jiraniitti, nama ejjennoo qabu, godhee namoota addunyaa dhugaarra jiran fakkeessuun ga’ee kenneefii kalaquusaa hubanna. Kunis, akka nama addunyaa dhugaarra jiraatutti ejjennoo gaarii qabaachuun utuu fageenyi karaa hin daangessiin, akkasumas utuu sodaa bineensaa hin godhatiin, qorraafi diilalla damdamate, nama obboleessa isaa du’a oolchuudhan sagantaa roorroon baafate nama harkatti/karaatti hambise godhee kalaqu barreessa irraa hubanna.

#### 4.4.3. Qaaccessa Nam-Fakkiilee Xixiqqoo kallattii Kalaqaatiin

Barreessaan tokko nam-fakkiilee yommuu uumuu, ilaalcha dhala namaatiif qabufi beekumsa dimshaashaan qabu irraa ka'ee bifaafi amalaan namoota addunyaa dhugaa keessa jiraatan kan ofiisaati beekuu bu'uura taasifata.

**Daraartuu**

"Daraartuun kan dhalattee, Godina Wallagga Lixaa Magaalaa Gimbiitti.Daraartuun intala simboo qabeettiidha. Qaroo ija isheen seta jettee yeroo nama ilaaltu, kutaa onnee dargaggeessaa uree seena. Ilkaan ishee foonilkaanii tiruu fakkaatuun haguugamee miidhaga.Rifeensi mataa ishee luuccina kan qabu irra darbeeyyuu dheeraadha. Uffata kamiyyuu yoo uffattee kan irraa fokkisu hin jiru kan irraa baay'ee bareedudha. (F: 67).

Barreeffama kanarraa kan hubannuu, barreessaan nam-fakkiilee kana kalaquu dhalataa magaala yookiin baadiyaa gochuutiin akka ta'e hubanna. Kana malees,Daraartuun bifaan, simboon,rifeensa mataafi qaroo ija isheetiin miidhagduu yookiin bareeddu akka taate ibsa. Midhaginni ishee uuffata kam gaafa uffattu daraan waanti irraa fokkisuu akka hin jirre godheetu nam-fakkaattii kana kalaqee. Walumaa galatti barreessaan nam-fakkii kalaquuf wantoota naannootti beeku bu'uura taasifata.

**Barsiisaa Qananii**

"Barsiisaa Qananiin utuu barsiisuu gidduutti kutaa guutummaa gaffii gaafatee. Gaaffii inni gaafate namni hamma bookee gurra arbaatti buuteetti lakkaa'e hin jiru"jedhe. (F:15).

Kanarraa waanta hubannuu barreessaan nam-fakkiilee yeroo kalaqu ga'ee hojii, amalaan wal-qabsiisee, akka inni uumuu ibsa. Kana jechuun qananii barsiisaa taasisee nam-fakkiilee biro immoo barattoota taasiseeti. Kun immoo hojii namoota hawaasa keessatti hojjechuu danda'uu akka hojjetu mul'isa. Waan kana ta'eef nam-fakkiileen addunyaa asoosamaa keessa jiran namoota addunyaa dhugaa keessa jiraniin karaa hundumaa wal-fakkaatuu jechuudha.

**Goobanaa**

"Goobanaan miilli bitaa isaa erga irraa cite waraana irratti bobba'uu waan hin dandeenyeef waraqaa sooromaa isaas  lammii isaa, biyya isaa, saba isaa, godhatee, amma lubbuun jirutti

lammiinkoo natti haa dadhabani, beelakoo irratti daaruukoo irratti sabakoon abdadha" jedhe(F:76).

Barreeffama armaan oli kanarraa waanta nuti hubannuu,barreessaan asoosama tokkoo asoosaama gaafa barreessu, nam-fakkiileef gahee hojii kenneefi kalaquusaa hubannaa. Kana males, barreessaan akka nama addunyaa dhugaarra jirutti, nam-fakkiileetti amala nama addunyaa dhugaarra jiruu itti uffisee kalaquusaa nuuf ibsa.kunis, nam-fakkiilee nama dirree waraana deeme qaamni isaa madaa'etti umee kalaquusaa nu hubachiisa.

**Barataa Jabeessaa**

"Waan hamaaf dheera ulfaata bira dabarree,waan gaarii dhufaa jiru arguuf qaroo ija keenyaa imimmaan lola'uun miidhuu hin qabnu. Ani yuunvarsiiti finfinneetti barachaan jira. Warri barannu barumsatti cimuu qabna. Maatiinis cimaa nu barsiisaa. Rakkinaafi gidiraa keessa turre keessa battalatti ba'uuf kan adeemsisu barumsa qofa.booyicha miti wallaalatu bineensa lagaati gadi nu taasise,kan wal nu nyaachisaa jiru kana keessa ba'uuf cimnee barachuu qabna.bineensi lagaa gosa isaa hin nyaatu,nuti wal-nyaachaa wal-gidirsaa jirraa.kun qaaniidha.qaanii gaaffii seenaa jala nama hin baafnedha.warri keenya lubbuun nuuf bula.nuti ijoolleen keessan akka tokko taanee humna argannu, biyya uumamaan badhaatee qabnutti wal-taane akka fayyadamnufi guddifnu,waaqa nuuf kadha.Qaroon kaleessa dhiigaa boosse,boru akka aannan roobdu uumaa nuuf sagadaa"jedhe.(F:87-88).

Yaada armaan oli kanarraa waanta nuti hubannuu, barreessaan asoosama tokko asoosama barreessuu tokko keessatti,akkata inni itti nam-fakkiileef gahee keennefi itti kalaqe hubanna.kana malees saoosamicha keessatti nam-fakkiilee gahee barataa itti uumuun kalaquu akka danda'u hubachisa.namni baratee beekumsa qabuun akka nama gorsuu, bor abdiin akka jiru, bu'aa ba'ii jireenya har'aa mo'atanii biiftuu haaraa arguun akka danda'amuu, kan hawaassa gorsuu, keessatti kalaqee qooddachiisusaa mul'isa.dabalataan immoo rakkoo hawaasa ofi furuuf barnoonni hundee ta'uu akka uummanni irraa hubataniif nam-fakkiilee barataa asoosamicha keessaatti uume.

### 4.4.4. Walitti Dhufeenya Nam-Fakkiilee

Nam-fakkiileen addunyaa asoosamaa keessatti haala garaagaraataan walitti dhufeenya uumuu. Walitti dhufeenyi nam-fakkiilee kunis haala fuudhaaf heeruma, hiriyyuummaa, jaalala naannummaa, waliin jireenyaa hawaasa, obbolummaa, jaalala haadhaafi ilmoo, garaagaraa ta'uu danda'a.

**Dr Aanaan**

"Ooltee bultee hariiroo Taliilaa wajjin cimsachuu eegalteetti. Innis nama haala akkasitiin nama isa faana dhabbattee isa gargaaraa turte" (F:61).

Barreeffamni armaan olii barreessaan nam-fakkiilee yeroo uumuu miira wal-gargaarsaa akka waliif qabatan taasisuun walitti dhufeenya umuu.

**Abdii, Sanyiifi Addunyaa**

Abdii, Sanyiifi Addunyaan barattoota.Barnoota walii wajjin erga kutaa tokkoffaa seenaniis wal-hari'aanii wal'aansoo sammuu wal-qabanii, wal-dorgomaa waan barataniif barnoota isaanii ciminaan baratuu tokkos lafa hin buussan. Hamilee walitti bitu, wal-gootomsu. (F:14).

Yaada armaan oliirraa waanti hubannuu, Barreessaan nam-fakkiilee yeroo umuu, hiriyyoota walitti dhufeenya guddaa qaban, kan yaada walfakkaata qaban, akkasumallee, warra kaayyoo tokkoo, garaa tokkoo, waliitti dhufeenya guddaa qaban godhee umuu. kun dhugaa hawaasa keessa jirudha. barreessaan asoosamichaas seenaa asoosamichaa keessatti nan-fakkiilee kana akka namoota addunyaa dhugaarra jiranitti amaala isaanii gonfachiisee uumee jira.

**Taliilaa**

Taliilaan nama barateedha.muummeen barnoota isaas ogeessa fayyaati.Namni barate immoo maatii isaa, naannoo isaa, biyya isaa, guddisuu yookiin jijjiiruu akka danda'uu, ofii isaa irraa kaa'ee waan beekuuf yeroo boqonnaa isaa dargaggoota gorsuudhaan, itti dabalees kanneen barachuuf humna hin qabne yookiin of hin dandeenye immoo qarshiidhaan gaargaaraa gorsa guddaa keennudhaan, jajjabeessa malee duwwaa gadii hin gadhiisuu.

Yaada kanarraa waanti hubatamu, Nam-fakkiileen namoota hawaasa keessa jirataniin akka walitti dhufeenya qabaatan mul’isa. Sababni isaas namoonni addunyaa dhugaa kana irratti karaa adda addaafi haala garaagaraan waliitti dhufeenya uumuun wal-gargaaruu. Akkuma kana asoosama keessatti nam-fakkiileen argaman waliitti dhufeenya umuun gargaarsa garagaraa waliif taasisuu. Kun har’allee dhugaa hawwaasa keessa jirudha. Bareessaan asoosamaa kun nam-fakkiilee asoosamichaa yommuu uumu namoota naanoo tokkoo, kan walitti dhufeenya qaban, kan waliif hoo’an, wal-jaallatan waliif yaadan, lafa rakkoo walii dhaabbatan, qaawwa walii dhoksan uumuun taasiseera.

**Taliilaa, Abdiifii Meetii**

“Taliilaanis Abdiifi Meetii fudhattee gara mana isaa deeme haadha mana isaa Daraartuu waliin wal-barsiise”. (F:81)

Barreeffamni armaan olii kan agarsiisuu nam-fakkiileen akkuma namota addunyaa dhugarraa jiraatan kamiiyyuu walitti dhufeenya uumuun akka waliin jiraatan agarsiisa.barreessan asoosama kanaas seenaa asoosamichaa keessatti nam-fakkiilee kana akka namoota addunyaa dhugaarra jiraniitti, keessummotaafi keessumsiistota haala gaariin wal-simatan godhee qooddachiisee jira.

**Aadde bashaatuuf abdii**

“Abdiin bakka harmeen isaa kufanii ciisaniitti irratti lafa dhahee, sagalee guddadhaan harmeekoo ka’ikaa hin deemnaa…harmeekoo jedhee kadhataa jira”. (F:6).

Haadhaafi ilmoo gidduutti walitti dhufeenyi uumamaa jiru baay’ee cimaadha. Ilmoon waan hundaa caala haadhaaf jalaalaafi kabaja guddaa qabdi, haatis, dirqama haadhummaa irra darbuun dhala isheetiif waan baay’ee yaaddi, ni mararsiifatti, akkasumas bakka guddaa kennitiif malee ilma ishee kanaaf jibba garaa irraa hin qabduu. Kunis dhugaa hawaasa giddutti, mul’atudha. Barreessaan asoosama kanaas, seenaa asoosamaa kana keessatti, haadhaafi ilmoo nama waliif yaaduu , haadhaafi ilmoo wal-jaallataan godhee haala kanaan isaan qooddachiiseera.

**Koloneel TasfaaayeeG/Igzaabeer, Danballaashiifi mul’ataa**

Utuu dhaabbatanii wal-mormanii, hooggannan Koloneel Tasfaayee G/Ihzaabeer itti dhufee rakkina uumamee kana gaafaa gaafatu, Mul’ataan Taliilaa gadi baasee qabee dhaabbataa jira.

Hidhamtootni kan biraanis mul'ataa gargaaranii qabanii dhaabbataa jiru. Sabaabiin isaas: Taliilaan of danda'ee dhaabbataa hin jiru. Tasfaayeenis, "Hidhannoo mul'ata irraa hiikiiti laamaan isaani mana hidhaa galchi" jedhe.

Barreeffama armaan oli kanarraa kan hubannuu, seenaa sirni nafxanyaa saba oromoo irratti raawwataa ture akkasumas rakkoo qabsaa'ota oromoo irra ga'aa ture seenaa asoosamichaa keessatti barreessaan nam-fakkeessetu mul'ata. Kana malees gochi gara jabinaa mootummoota darbaniin, hayyoota oromorratti geggeeffama ture, barreessaan kalaqee yookiin uumee agarsiisuutu nutti mul'ata. Kunis dhugaa hawaasa oromoo gidduu jiru, haala kanaan mul'isuusaa argama. itti dabalees, namoonni oromoota ta'an, yeroo isaan waliif yaadaan, rakkina keessatti waliif birmatan sababii waaliif birmachuu yookiin waliif dubbachuu irraa kana ka'ee hoji mootummaa irraa hiikamanii mana hidhaa yeroo isaan deemantu seenaa asoosamichaa keessatti mul'ata. Kunis, har'ayyuu dhugaa saba oromoo gidduu jirudha. Barreessanis nam-fakkilee kana gaafa qooddachiisuu, namoota addunyaa dhugarra jiran waaliin wal-fakkeessuun nam-fakkiilee qooddachiisee jira.

**Obbo Liibaniifi Aaddee Bashaatuu**

"Obbo Liibaniifi aadde Bashaatuun Mootummaan Dargii kufee gaafa guyyaa sadaffaa mooraa Sangaa Coomaa Daammii tokko harkisanii fidanii balbala isaanii duratti lafaan dhahan.Namoota/ hawaasa naannoo isaanii jiran hundumaa isaaniif cidha qopheeffatanii, dhala isaanii kallatti gara garaatii waamanii gammachuu isaani ibsachuuf lafa dhiitani sirbaa jiru.(F:72).

Barreeffamni armaan oli kun kan inni ibsu, nam-fakkileen asoosama kana keessatti akka namoota addunya dhugaarra jiranitti, abbaa warraafii haadha warraa ta'uun amala nama guutummatti kan gonfatanii mul'atan ta'uu isaani nu hubachiisa.Akkasumas,gaafa diinni kufu qalanii nyaachuun hariiroo qabaachuun, waliin jiraachuu, wallin gammaduun, waliifis gammaduun, nyaatanii dhuuguun, dhiitanii sirbuun, uummata oromoo biratti beekamaafi jaallatama akka ta'e, barreessan asoosama kana keessatti amala kana gonfachiisuun kalaquusaa hubanna. Kunis, dhugaa hawaasa oromoo gidditti mul'atudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Cuunfaaa

Asoosamni firiiwwan garaa garaa of keessaa qaba. Firiiwwan kunniinis kanneen akka nam-fakkiilee yookiin qooddattoota, yoomessa, sabseena, ergaafi k.k f. asoosama keessatti qabxiiwwan murteessoofi barbaachisoo waan ta'aniif bakka isaan hin jirretti asoosamni tokko asoosama guutuu ta'uu hin danda'u. ulaaga hamma hin guunnetti asoosama jedhamee waamamuu hin qabu, hin danda'us. fiiriiwwan tarreeffaman yookiin ibsaman keessa toorri xiyyeeffanno qorannoo kana nam-fakkiilee irratti kan fuulleffatedha.

Caaculeewwan yookiin firiiwwan asoosamaa keessaa nam-fakkiileen isaan bu'uuraati jechuu dandeenya. Sababni isaas:seenaan yookiin taateen tokkoo kan raawwatuufi kan irratti raawwatamu, isaan waan ta'eefi. Nam-fakkiileen abbaa dhimmaatii jechuu dandeenya. Barreessan asoosam tokkoo fakkaatti uumee, bifa itti horee, maqaa moggaasee akkasumas ga'ee hojii kenneefi dhugaa hawaasa keesa jiru tokko itti uwwise, bifa yaada uumeetiin arga yaadaan seenaa isaanii irraa akka barannu kalaqee uumee kan barreessu danda'udha. Nam-fakkiilee immoo qooda yookiin gahee jiru, waanta seenicha keessatti raawwatamuu malu erga adda baasee booda yaada jiru hubachuudhan warren nam-fakkiilee ta'anii taphatan uumee jira. Nam-fakkiilee maraaf maqaafi gahee hojii kenneefi taphachiisee jira.Yaadni kun kan nu hubachiisuu nam-fakkiileen bu'uuraa yookiin hundee asoosama ta'uu isaa ibsa laata.

Barreessaan akkamitti akka nam-fakkiilee uumeefi bifa kamiin akka qindeessee uumetu ilaalama. Kana bu'uura godhachuunis asoosamichi ulaaga asoosamni guutuu qabu tokko guutuufi dhiisuusaafi waanti akka hanqinatti jirus ilaalameera. kallatti furmaataas qorataan kana ta'ee jira. Gosoota nam-fakkiilee asoosamichaa qaacceffamee jira. walitti dhufeenya nam-fakkiileen kun qaban qaacceffameera.Nam-fakkiileen asoosamicha waannta irraa eegamu mara ta'anii jiru. Nam-fakkiileen asoosama '**Qaroo Dhiiga Boosse'** kallattii adda addaatiin qaacceffamaniruu. Kunis qaaccessa nam-fakkiilee gurguddoo keessatti kallattii hawasummaa, kallatti ejjennotiin kan mul'atan, kallattii xinsammuutiin kan mul'atan akkasumas qaaccessa nam-fakkiilee xixiqqoo,keessatti immoo kan mul'atan kallatti ejjennootiin,kallattii kalaqaatiiniifii walitti dhufeenya nam-fakkiileetiin qaacceffameera.

Qorannoo kana keessatti nam-fakiileen asoosama dheeraa ‘Qaroo Dhiigaa Boossee’ keessatti argaman namoota addunyaa dhugaa kana irra jiraaniin kan wal qabatudha Nam-fakkiileen haala xiinsammuu keessatti gadduus ta’e gammaduu akka danda,an ni mul’ata.

Qorannoon kun kan geggeeffamee mata duree qaaccessa nam-fakkiilee asoosama dheeraa ‘Qaroo Dhiigaa Boosse’ jedhu iratti yoo ta’u, firiiwwan asoosamaa keessaa nam-fakkiilee irratti xiyyeeffachuun namfakkiilee isaanii kan qaaccessuun agarsiifamu, yommuu tauu qorannoon kunis boqonnaalee shanitti qoodamee jira.

Boqonnaa tokko keessatti seen-duubee, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannicha kan of keessatti haammatee jirudha.

Boqonnaa lama maalummaa og-barruu, faayidaa og-barruu, maalummaa asoosamaa, gosoota asoosamaa, asoosama dheeraa,asoosama gabaabaa, caaculee asoosama, seenaa, yoomessaa, wal-diddaa, jaargocha, erga, nam-fakkiilee yookaan qooddattoota,gosoota nam-fakkiilee, nam-fakkiilee gurguddoo, nam-fakkiilee xixiqqoo, amaloota nam-fakkaiilee, nam-fakkiilee jijjiramoo,nam-fakkiilee daagiitoooftaawwan hawaasa keessa jiruun yookiin beekamuun, of keessatti haammatee dhiyaatudha.

Boqonnaa sadaffaa mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, iddattoo qorannichaafii mala iddatteessuu, funaansa ragaaleefii madda ragaalee kan of keessatti haammatee dhiyaatedha.

Boqonnaa arfaffaa keessatti immoo ragaalee qaaccessuufi hiikuu yommuu ta’u, kunis haala adda addaatiin kan raawwatedha.haalonni kunniinis,nam-fakkiilee gurguddoofi xixiqqoo, hawaasummaan, xiinsammuun, ejjennoon, haala barreessaan nam-fakkiilee kalaqeefi tooftaa walitti dhufeenya nam-fakkiilee kan of keessatti haammatee mul’atedha. Boqonnaan shan cuunfaa, yaada furmaataafii argannoo( yaboo) of keessatti qabachuun kan dhiyaatedha.

Kayyoon qorannoo kana haala nam-fakkiileen asoosama qaroo dhiiga boosse keessatti itti hirmaachisu, uumu, akkasumas ga’ee isaan qaban qaaccessuufi walitti dhufeenya isaan firiiwwaan asoosama kanneen biro waliin qaban addaan baasuun agarsiisuudha. Amalli nam-fakkeessuu asoosama kana keessatti barreessaan itti fayyadamee kallatti gara garaatiin

mul'ataniiruu. Walumaa galatti qorannoo kana keessatti barreessan nam-fakkiilee amala, bifa namaafi ga'ee adda addaa gonfachiisuu danda'eera.

## 5.2. Argannoo

Barreessan asoosama tokko nam-fakkiilee yeroo uumuu bifa wal-simataafi dhugaa hawasaa keessa jiruun walitti fidee wal- unachiisee barreessichi haalli itti qindeesse akka cimiminaatti haa ilaalamu malee; waantonni tokko tokkos akka yaadaatti qaaccessa taasifamee irraa argachuu danda'ameera.

- Asoosamicha keessatti namoonni dhugaa sabaaf dubbatan akka hidhaman kaayyoo mootummaa yeroo sanaa yoo ta'e , oromootaaf yaada inni qabu utuu ibsame.
- Gochi mootummoota darbanii oromoo hidhaa turani, oromoo hidhuun bu'aa inni buuseef utuu ibsame.
- Barri dhaalootaa, bakki dhalootaafi naannoo jireenya nam-fakkiilee akka namoota addunyaa dhugaarra jiranitti qooddachiifamee, injifannoon maalirra ga'ee utuu ibsaame.
- Namni barate Taliilaan umurii ijoollummaasa, maatii isaatiin ilaalcha inni qabu osoo ibsame.
- Manni yaalaa Taliilaa erga kaadiroota mootummaa bara sanaatiin erga gubatee,lafti manichaa akkam akka ta'e utuu ibsamee.
- Uummanni mana yaalaa Taliilaatti, yaalama turan akkam akka ta'an, fayyaniiru moo ni da'an utuu ibsameera ta'e.
- Sababa obbo liiban hidhamaniif osoo ibsamee
- Baayinnii maatii obbo liiban osoo ibsame
- Akkuma walii galaatti asoosamicha keessatti bifti ( haalli uffanna, qaamaa isaanii, qal'ina, furdina, gabaabina dheerinafi k.k.f osoo ibsame.

## 5.3. Yaada Furmaata

Asoosama kana keessatti nam-fakkiilee qooddachiisuun, ga'ee guddaadha.nam-fakkiilee kenneeniifis ga'ee kennuun asoosamicha keessatti dhimma tokko qabatanii, akka socha'an taasisuudha.nam-fakkiileen seenaa asoosama tokko keessatti Haala fudhatamummaa qabaniifi dhugaa hawaasa calaqqisiisuu danada'aniin hirmaachisuun barbaachisaadha. Kana males, nam-

fakkiileen namoota foon uffatanii, addunyaa dhugaarra jiran osoo hin taanee, amala namoota addunyaa dhugarra jiranii bu’uureffachuun waan qooddachiifamaniif, haala midhagina qabuun sirritti nam-fakkeessuudha.

Amala isaan gonfatanis, dhugaa hawaasa keessaa jiru tokko sirritti kan ibsu ta’uu qaba. Nam-fakkeeffamuun dura amala gonfachuu qaban, murteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu barreessaan haala kana bu’uureffachuun,wayita barreessu:nam-fakkiileen seenaa asoosamichaa keessatti dhugaa kan calaqqisiisaniifi hawaasa biratti fudhatama kan qaban ta’uun irraa eegama.

Ulaagaa nam-fakkiileen asoosamaa  guutu qabu, osoo hin barreessiin dursee qaaccessuu qaba.

- Malaawwan nam-fakkeessuu hunda wal-madaalchisuun ergaafi dhimmoota asoosama sanaa haalan galmaan ga’uu danda’aniin faayyamuu qaba.
- Akaakuuwwan nam-fakkiilee hunda baasee beekuun asoosama sana keessatti haala galumsa isaaniitiin hirmaachisuun asoosamni sun miidhagina gonfatee dhiyaatuufi jaargochi isaa hawwataa ta’ee yaada dubbistoota akka hawwatutti dhimma itti ba’uu qaba.
- Firiiwwan asoosama jiran mara wal-simsiisuun asoosamicha keessatti haala uumu danda’uun dhiyeessun barbaachisaadha.
- Duraan dursee osoo hin barreessiin yaaxinaalee ammayyaa gama nam-fakkeessuun, jiran osoo sakatta’ee/tee yookiin dubbisee/ttee gaariidha.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessa (2011). **Akkamtaa**: Yaadrimee, Qorannoo Huujoo: Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2009). **Eelaa**, seenaa ogummaa oromoo, Finfinnee Far East Tradi P.L.C.

Beekan Gulummaa. (2013) **GUUBOO SEENAA:**Asoosamafi saayiinsiisa. Maxxansa Lammaffaaa. Finfinnee, Oromiyaa.

Dajanee (2008). **Bu'uuraalee Qorannoo:**Yuunivarsiitii Adaamaa.

Dastaa Dassaaleny (2012). **Bu'uuraalee Qorannoo:** Yuunivarsiitii Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). **Subii Bu'uura Og-barruu**:Subii printing press.

Filee Jaallataa (2019). **Malleen Qorannoo:Finfinnee,Oromiyaa.**

Meelakneh Mangistuu (2006). **Fendamentals of literature**. Addis Ababa: Commrcial printing in Press

Misgaanuu Gulummaa(2013). **Yandoo**: Ogummaafi Og walaloo oromoo: Finfinnee Oromiyaa.

Mootii Mootummaa (2013). Qaroo Dhiiga Boosse: Finfinnee Oromiyaa.

Tafarii Nugusee (2005).Wiirtuu Barruulee qormaata waltina afaan oromoo.Dagaagina Og-barruu Afaan Oromoo Finfinnee:Branna printing Enterprise.

Wasanee Bashaa (2008). **Bantuu Haaraa**: Finfinnee emy press.

## Waraqaa Mirkanneeffanna

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gadiitti eeramee jiru kun , waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunvarsiitii kamiiyyuu keessatti kan hin hojjetamne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kana dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa**: ----------------------------------------

Mallattoo-----------------------------------------------------

Guyyaa--------------------------------------------------------

**Maqaa Gorsaa**: ---------------------------------------------

Mallattoo----------------------------------------------------

Guyyaa------------------------------------------------------